Maanuwaalii Leenjii Waljijjiirraa Odeeffannoo Fooyya'iinsa Sagantaalee Manneen Murtii

Gamtaa dhaabbilee mirgoota namoomaa Itoophiyaatiin kan maxxanfame

Hagayya 2013

Finfinnee : Itiyoophiyaa

Feteh (Justice) Activity
IN ETHIOPIA

Maxxansi kun ejensii misooma Addunyaa U.S.A (USAID) karaa deeggarsa ummata Ameerikaatiin raawwachuun danda'amee jira. Maxxansa kana keessatti qabiyyee fi yaadni yookiin ilaalchi dhiyaate karuma kamiinuu ilaalcha USAID hin ibsu.

Dursa

Gamtaan Dhaabbilee Mirga Namoomaa Itoophiyaa Gurraandhala 16 bara 2018 kan galmaa'e, dhaabbilee mirga namoomaa biyya keessaa 17 waliin yemmuu ta'u lakk-galmee 3932, lakk. Labsii 1113/2011 irratti hundaa'udhaan galmee isaa haaromsee kan socha'u dhaabbata hawaasa siviiliiti. Gamtaan Dhaabbilee Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa (GDhMNI) biyya keessatti mirgoota dimookiraasii fi namoomaa, akkasumas ijaarsa nageenyaa keessatti hirmaachuudhaan waldaa hawaas siviilii mirgoota namoomaati. (GDhMN) hundeeffama isaa irraa jalqabee dhaabbileen mirga namoomaa irratti hojjatan sagalee isaanii waliin akka dhageessisanii fi mormii raga irratti hundaa'e adeemsisuun waltajjii tokkummaa Itoophiyaa keessatti ummudhaan eegumsa mirga namoomaa guddisuuf kan hojjataa jiruudha.

Gamtaa Dhaabbilee Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa (GDhMNI) dhaabbilee mirga namoomaa irratti hojjataniif haala mijataa uumudhaan bu'a qabeessummaa mirgoota namoomaa fi bulchiinsa dimookiraatawaa qaamolee dhaabbilee mirgoota namoomaa durii fi haarawa human raawwachiisummaa isaanii cimsuuf dhaabbata hojjatuudha. Haala kanaan Gamtaa Dhaabbilee Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa (GDhMNI) maanuwaalii fi qajeelfamoota adda addaa qopheessudhaan leenjii kennuun ijaarsa dandeettii dhaabbileen mirga namoomaa, miidiyaalee fi Gaazexesitoota cimsuun hojjataa jira.

Waldaaleen siiviilii sirna haqaa irratti hubannoo isaan qaban cimsuun, keessattuu haala kenniinsa sirna murtii haqa qabeessa ta'e, akkasumas waa'ee naamusa seeraa irratti beekkumsa isaan qaban cimsuun dhimma mana murtii ga'umsaa fi beekumsaan akka hordofan, akka galmeessanfi gabaasa akka dhiyeessan taasisuudhaan gahee isaan sirna haqaa irratti qaban guddisuuf tajaajila. Kana malees, waldaaleen siiviilii waa'ee nageenya mana murtii fi porotokoolii akka beekaniif, abbootiin murtii, abukaatoo, shakkamtootnfi qaamolee dhimmicha keessatti hirmaatan waliin hariiroo gaarii akka qabaatan nitaasisa.

Gamtaa Dhaabbilee Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa (GDhMNI) gochaalee haqaa- USAID qajeelfama kana afaanota 4(afurtti) hiikuudhaan maxxansaaf akka qophaa'u namoota gargaarsa mallaqaa godhaniif galata guddaa dhiyeessa.

Mas'uud Gabayyoo: Hoji Gaggeessaa

Gamtaa Dhaabbilee Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa (GDhMNI)

Maxxansa Ilaalchisee

Maxxansi kun ejensii misooma addunyaa Ameerikaa (USAID) gargaarsa ummata Ameerikaatiin akka hojii irra oolu taasifamee jira.

Sanadicha Kan Qophreesse: Masfin Caannee Yimar

Sanadchi Kan Maxxanfame: Hagaya Bara 2013

Mirgi abbummaa guutuun maxxansa kana kan Gamtaa Dhaabbilee Mirga Namoomaa Itoophiyaa (GDhMNI) yoo ta'u heyyama dhaabbatichaa malee sanadicha baayy'isuu fi raabsuun hin danda'amu.

Seensa

Itoophiyyaan akkaatuma biyyoota addunyaa kanneen biroo sagantaa fooyya'iinsa manneen murtii yeroo yeroodhaan hanqinaalee waliinis ta'u hojiirra oolchaa kan turteedha. Akkuma beekamu hojiin fooyaa'iinsia manneen murtii gocha halkan tokkotti raawwatamu osoo hinta'in amalli isaa marii walitti fufiinsaa kan qabu; hirmaannaa qooda fudhattootaa; ida'ama jijjiirama hirmaannaa hawaasni sadarkaa sadarkaan jiru raawwatuun bu'aa argamuudha. Sababoonni fooyya'iins I manneen murtii akka dhufan dirqisiisan heddu ta'anis isaan kanneen keessaa baay'ee murteessaa kan ta'an tajaajilli qaqabiinsa seeraa xiqqaa ta'uu, mirkanni haqaa gahumsaafi qulqullina qabu xiqqaachuu, mirgi namoomaa dhuunfaafi walee(ummataa) akkaataa gahaa ta'een kabajamuu dhabuu, bilisummaan abbootii murtii iddoo gahaa argachuu dhabuu, naamusni abbootiin murtii hojii isaanii ittin hojjetan xiqqaahuun kan eeramaniidha.

Itoophiyaa keessatti baroota hedduuf barbaachisummaan sagantaa fooyya'insa manneen murtii itti amanamuun hojiileen adda addaa hojjetamaa turanii jiru. Hojiilee fooyya'iinsakana ilaalchisee seenaa irraa ka'uun bara kam hojiileen akkamii hojjetaman maanuwaalii leenjii kana keessatti ibsuuf yaalamee jira. Keessattuu Itiyoophiyaa keessatti gochaaleen sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii bara 2003 irraa hamma ammaa bara 2013 jiru maal akka fakkaatu ibsamee jira. Hanqinaaleefi ciminaaleenis sakatta'amanii jiru.

Manneen murtiifi abbootiin murtii gochaalee amanamummaa ummataafi fi mootummaaf argamsiisuu danda\an bilisummaan, dhiibbaa malee fi ittigaafatamummaan hojjechuu ta'uu irraayyuu abbootiin murtii murtii yammuu dabarsanii fi dhaddacha yammuu taa'an akkasumas, qajeeltoowwan naamusaa hawaasni irraa eegu kabajuun hojii isaanii raawwatanii yommuu argamaniidha.

Akkaataa qajeeltoowwan kanneeniin hojiileen fooyya'iinsa manneen murtii yommuu raawwataman keessattuu manneen murtiin kan walqabatan mirga namoomaa kabajuufi kabachiisuun haalota irra jiran maal akka fakkaatu maanuwaalii leenjii kana keessatti hammachiisuuf yaalamee jira. Gochaaleen sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii haala barbaadamuun osoo raawwatamanii karaa tokkoonis ta'ee karaa birootiin akka hinbeekne yoo hintaasifamin hawaasni amntaa mana murtii irraa qabu fooyyeessuu hindanda'u.

Manneen murtii waljijjiirraa ragaa fooyya'iinsaa raawwachuun kan irraa eegamu yommuu ta'u kana ilaalchisee barbaachisummaa irraa kaasee akkamiifi karaa kamiin ragaa waljijjiiruu akka qaban maanuwaalii keessatti ibsuuf yaalamee jira. Gochaalee jijjiirraa ragaa fooyya'iinsa manneen murtii ilaalchisee tooftaalee hordofuu qabnu; karaalee fi malootni maal akka fakkaatan ibsuuf yaalamee jira.

Hojiileen fooyya'iinsaa ummataan akka beekaman dandeessisuun gaheen manneen murtii,qunnamtiin hawaasaa (miidiyaan), dhaabbileen siviilii maal ta'uu akka qabu adda baasuu fi ibsuuf yaalamee jira. Gabaasa oolmaa dhaddachaa ilaalchisee faayidaan hojii mana murtii uummata beeksisuu, hirmaannaa qunnamtii uummataa, gabaasa oolmaa dhaddacha qopheessuuf yaadota furmaataa hordofuu qabnu ilaalamanii jiru.

Baafata

Seensa …… 3

Boqonnaa tokko ..... Error! Bookmark not defined.

Fooyya'iinsa manneen murtii Itoophiyaatti ..... Error! Bookmark not defined.

1.1. Ilaalcha waliigalaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

1.2. Gochaalee Fooyya'iinsa manneen murtii 2003 -2010 ..... **Error! Bookmark not defined.**

1.3. Fooyya'iinsa manneen murtii bara 2010nii asi 15

Boqonnaa Lama **19**

Fooyya'iinsa manneen murtiifi mirgoota namoomaa ..... Error! Bookmark not defined.

2.1. Fooyya'iinsa manneen murtiifi mirgoota qaama miidhamtootaa .. **Error! Bookmark not defined.**

2.2. Fooyya'iinsa manneen murtiifi koorniyaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

2.3. Adeemsa murtii haqa qabeessa ..... **Error! Bookmark not defined.**

2.4. bilisummaa abbootii seeraa ..... **Error! Bookmark not defined.**

2.5. Haala naamusa abbootii seeraa ..... **Error! Bookmark not defined.**

Boqonnaa sadi ..... Error! Bookmark not defined.

Faayidaalee sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii fi gochaalee uummata beeksisuu ..... Error! Bookmark not defined.

3.1. Barbaachisummaa wal jijjiirraa ragaalee ..... **Error! Bookmark not defined.**

3.2. Amanamummaa manneen murtii deebisiisuu ..... **Error! Bookmark not defined.**

3.3. Faayidaalee manneen murtii kabachiisuu ..... **Error! Bookmark not defined.**

Boqonnaa afur ..... Error! Bookmark not defined.

Sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii beeksisuufi gahee dhimmamtootaa Error! Bookmark not defined.

4.1. Gahee haabbilee hawaasa siiviikii ..... **Error! Bookmark not defined.**

4.2. Gumaacha qunnamtii hawaasaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

4.3. Waljijjiirraa ragaaleefi gahee manneen murtii ..... **Error! Bookmark not defined.**

Boqonnaa shan ..... Error! Bookmark not defined.

Itoophiyaatti fooyya'iinsa manneen murtii ragaalee waljijjiiruu irratti gufuuwwan qunnamuu danda'an ..... Error! Bookmark not defined.

5.1. Manneen murtii keessatti kutaan qunnamtii uummataa jabaa ta'e dhabamuu**Error! Bookmark not defined.**

5.2 Manneen murtii keessatti ogeessonni qunnamtii uummataa beekumsi seeraa xiqqaa ta'uu. **Error! Bookmark not defined.**

5.3. Manneen murtiifi abbootii seeraa biratti qunnamtiin uummataa bilisummaa manneen murtii ni dhiibu yaadni jedhu jiraachuu 47

5.4. Manneen murtii,qunnamtiin uummataafi dimmamtoonni irratti hirmaatan waltajjiin marii dhabamuu 48

Boqonnaa jaha..... Error! Bookmark not defined.

Ragaalee fooyya'iinsa manneen murtii waljijjiiruuf tooftaalee fayyadan,karaaleefi maloota .. Error! Bookmark not defined.

6.1. Tooftaalee waljijiirraa ragaalee..... 52

6.2. Fooyya'iinsa manneen murtii ragaalee waljijjiiruuf maloota qunnamtiifi karaalee..... 53

Boqonnaa torba ..... Error! Bookmark not defined.

Gabaasa oolmaa dhadachaa ..... Error! Bookmark not defined.

7.1. Gabaasni oolmaa dhaddachaa gaariin akka jiraatu maaltu haa godhamu? 59

Guduunfaafi yaadota furmaataa..... Error! Bookmark not defined.

Kitaabilee wabii ..... **Error! Bookmark not defined.**

BOQONNAA TOKKO

Itoophiyaatti Fooyya'iinsa Manneen Murtii

1.1Haala Waliigalaa

Kutaa maanuwaalii leenjii kana keessatti biyyi keenya Itoophiyaan karaa gochaalee sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii sirna mootiitiin yommuu bultu yeroo seenaa mootummaa hammayyaa irraa eegalee hamma yeroo amma jiruutti fooyya''insa manneen murtii ijoo ijoota'an ilaaluuf kan yaalu yommuu ta'u leenjifamtoonni boqonnaa yommuu guduunfaan:

- Gurmaa'insa manneen murtii yeroo adda addaa Itoophiyaa keessa turan ni hubatu.
- Fooyya'iinsa manneen murtii baroota bulchiinsa mootii Atse Hayilasillaaseetti ni ibsu.
- Bara bulchiinsa darguu haalli manneen murtii maal akka fakkatu ni ibsu.
- Baroota aangoo ADWUI jalqabaa jijjiiramoota manneen murtii irratti raawwataman ni ibsu.
- Bara 2003 irraa hamma 2010 sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtiifi qabatamaan hojiirra oolmaa isaanii maal akka fakkaatu ni beeku.
- Bara 2010 asitti fooyya'iinsi manneen murtii irratti gaggeeffamaa jiru ni hubatu.

Itoophiyaan jalqaba irraa biyya seenaa bulchiinsa mootummaa qabdu yammuu taatu bara baraan mootonni turan bulchiinsa mootummaa raawwachaa akka turan barreeffamoota adda addaa irratti barreeffamee argama. Bulchitoonni mootonni hojii abbaa seerummaa akkuma hojii mootummaa kan birootti ilaaluufi irratti dabaluun bu'uura amantaafi aadaa akkaataa qabaatuun raawwachaa turanii jiru.[1] Sirni bulchiinsa mootii hamma bulchiinsi Atsee Hayilasillaasee kufutti mootiin seera

[1] Asaffaa Fissahaa: Federaaliizimii fi garagarummaa waldandeessiuu haala Itoophiyaatti: Qorannaa wal dorgomsiisaa (Nezarlaandi: Maxxznsitoota Wolf Gaang: Bara 1997) fuula 390

baasuu,seera hojiirra oolchuufi seera hiikuun dhimmoota dhihaataniif irratti aangoo murtii kennuu kan qabu yommuu ta'u aangoon kunis kan itti hinbu'amneefi sirrii kan ta'eedha.[2]

Itoophiyaa duriitti hojiileen manneen murtii kan raawwatamu mootiidhaa fi muudamtoota isaanii gadi jiraniin yommuu ta'u seeronni hojiirra oolanis amantaan kan walqabataniifi wantoota tokko tokkoon hojimaata aadaa qabu. Karaa seera hiikuutiin gaheen dhaabbilee amantaa ol aanaa yommuu ta'u dhaabbileen amanataa kunniin mana murtii mataa isaanii hamma dhaabbachuutti gahanii jiru. Uummattoota biyyatti hordoftoota amantaa kiristaanaa ta'aniif adda dureedhaan kan hojii irra oolu " fitiha nagisti" yommuu ta'u seera kana hiikuun namoonni hojii murtiitiif oolchaan akkanumaan call'ifamee akkuma tasaa kan filataman osoo hin ta'in barumsaa amantaa isaaniitiin keessattuu " fitiha nagisti" irratti qophii barumsaa adda ta'e kan qaban, yaada isaaniitiinis kutaa hawaasa bal'aa keessaa dammaqiinsa fooyyee irra kan gahaniifi akkasumas, naamusa isaaniitiin kan badhaafamaniidha.

Biyyattiin akkaataa kanaan hojii murtii raawwachaa erga turteen booda addunyaa hammayyaa keessatti adeemsa murtii kana qabatanii ittifufuu kan hin dandeenye waan ta'eef keessattuu bara 1942 akka lakkoofsa Aurooppaatti biyyattiin labsii lakkoofsa 02/1942 labsuun ijarsa caasaalee manneen murtii fooyyeessite.[3] Haaluma kanaan waajjira manneen murriitti abbaa seeraa,itti aanaa waajjira mana murtiifi godinatti akka mana murtiitti ofii isaanii gurmeessuufi naannootti manneen murtii akka hundeeffaman taasisuun hojiin hojjetamaa turee jira. Kunis gurmaa'ina manneen murtii ilaalchisee fooyya'iinsa raawwatame taasifame jedhamee fudhatamuu ni danda'a.

Akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1955 heera mootummaa fooyya'ee baheen bilisummaa abbootii seeraa ilaalchisee biyyootni dirqama seera mirkaneessuu yaada keessa galchuu karaa taasiseen abbootiin seeraa dhaddachaa yommuu moggaafamaniifi murtii yommuu dabarsan hojii isaanii dhiibbaa kamirraayyuu bilisummaan raawwachuu akka qaban murtaa'ee jira.[4] Gochi kunis keessattuu bilisummaa abbootii seeraa seeraan beekamtii kennuun Itoophiyaa keessatti hojiin fooyya'iinsa manneen murtii irratti fooyyee bal'inaan raawwatame taasifamee fudhatamuu kan

[2] Henerii Sikolaar: Heera Itoophiyaa fi Guuddina Seeraa; Qorannoo guddina Heera Itoophiyaa irratti taasifame, Jildii I; Bara 1997, Fuula 159

[3] Robart Alan Seedilar: Seera Hariiroo Naamusaa Itoophiyaa ; Maxxansa Yuunivarsiitii Oksifoord: Bara 1968: Fuula 8

[4] Keeyyata 120 fi 121 ilaali

danda'u yommuu ta'u raawwii qabatamaa irratti hanqinaaleen jiraachuun wal nama hingaafachiisu.

Itoophiyaan hojii murtii raawwachaa erga turteen booda keessattuu dhuma baroota 1950 fi jalqaba baroota 1960 irratti karaa hundee irraa nama jechisiisuun fooyya'iinsi manneen murtii raawwatamee jira. Isaan kana keessaa ijoodhaan kan mul'atan gurmaa'ina manneen murtii kan jijjiiraniifi kan fooyyeessan seerri hariiroo hawaasaafi seerri adabbii yakkaa bahee hojiirra akka oolu taasifamee jira.Kunis gurmaa'inni manneen murtii tanaan dura ture akka jijjiiramu dandeessisee jira.

Gurmaa'ina manneen murtiitiin alatti bifa koodiitiin qophaa'ee qaama seera baasaniin kan labsame koodootiin[5] seeraa jahan hojii murtii manneen murtii haala barbaadamuun raawwachuuf kan dandeensiisuufi naamusaafi mirgoota bu'uuraa hordofamuu qaban lafa kaa'uun falmitoonni ariitiin haqa akka argatan kan dandeessisan;murtiin manneen murtiitiin kennaman haalaan akka hojiirra oolan kan dadeessisan;himatamtootaaf mirgoonni kabajamuufii qaban maal maal akka ta'anfi haala kamiin hojiirra ooluu akka qaban seerota agarsiisan karaa baasuutiin manneen murtii akkaatuma kanaan akka hojjetan jalqabbiin mul'achuun fooyya'iinsa hojii manneen murtii Itoophiyaa fooyyeessuu keessatti gahee ol aanaa akka qabu ilaaluun ni danda'ama.

Hojii murtii hojjechuuf mana barumsa seeraa keessatti baratanii darbuun beekumsa seeraa qabaachuun barbaachisaa ta'uun sirna mootii biyyaa yeroo san turaniin itti amanamee yuunivarsiitii Atsee Hayilasillaaseetti mana barumsaa seeraa banuun alatti namootni ogummichaaf filataman biyya alaatti ergamanii barumsa seeraa akka hordoan taasifamee jira. Kunis baay'ina abbootii seeraafi gahumsa ogummaa jabeessuun gocha fooyya'iinsa manneen murtii taasifamee yaadamuu ni danda'a. Kanaanis biyyattiin adeemsaan namoota hojii murtii manneen murtii keessatti raawwatan kan barumsa seeraa baratan abbootiin seeraa lammii Itoophiyaa ta'an horachuufi hojii abbaa seerummaa raawwachuu eegaltee jirti.

[5] Seera Hariiroo: Seera Hariiroo Naamusaa: Seera Adabbii Yakkaa: Seera naamusa Yakkaa: Seera Daldala: Seera geejjiba Galaanaa

Dhugumatti manneen murtiifi dhaddachoonni biyyatti keessa turan baay'ina uummataa waliin wal biratti yommuu ilaalaman baay'inni eebbifamtoota seeraa as gala jedhamuu baatus yeroodhaa yeroottibal'achaafi guddachaa adeemee jira.

Fooyya'iinsa ogummaa abbootii seeraafi seeronni sirrachuun alatti dabalataan bara bulchiinsa mootii manneen murtii kan isaanii kan ta'e:beekamaa kan ta'eefi uummata yeroo sanaatiif ni mala jedhamanii kan itti amaname Finfinneefi godinaalee tokko tokko keessatti gamoowwan manneen murtii ijaaramanii jiru.Haaluma kanaan fooyya'iinsi ture salphaadha kan hinjedhamneefi hamma ammaatti manneen murtii tajaajila kennaa jiran kan itti ijaaraman ta'uun fooyya'iinsi fooyyee ta'e mul'atee jira.

Jabana bulchiinsa mootii Atsee Hayilasillaasee seera fooyyeessuufi seera baasuu irraa eegalee gahumsa abbootii seeraa guddisuufi gamoowwan hamma ijaarsiisuutti gochaalee fooyya'iinsaa jajjabeessan ta'anis bilisummaa manneen murtii; itti gaafatamummaa abbootii seeraa; qaqqabiinsa haqaa;walumaagalatti hawaasni manneen murtii irraa amantaa qabu waliin yammuu madaalamu hanqinaalee mataa isaanii kan qaban ta'uu beekuun barbaachisaadha.

Gaaffii

- Jabana bulchiinsa mootii Atsee Hayilasillaasee fooyya'iinsimanneen murtii heddu raawwataanis qajeeltoo mana murtii kan ta'e bilisummaan abbootii seeraa seeraan hinkabajamne. Akkamitti? Ibsi. (daqiiqaa 6)

Jabana bulchiinsa sirna Darguu gurmaa'inni manneen murtii kan hindiigaminiifi qabatamaanis hojii hojjechaa kan ture ta'us mootummaan yeroo sanitti hundeeffame ilaalcha sooshaalistii kan calaqqisiisu ta'uu irraayyuu biyyattiin kan qajeelfamtu ilaalchuma kanaan ta'uu ifaan labsee jira. Gama fooyya'iinsa bilisummaa manneen murtiitiin yommuu ilaalamu biyyattii keessatti ilaalcha sooshaalistii kan hordofan hunoonni siyaasaa walmorkan uumamuun mootummaan yeroo sanas mootummaa loltuu waan ta'eefi sababoota hedduu irra kan ka'e dhimmoonni yakkaa hedduun kan ilaalamaniifi murtiin itti kennamu gurmaa'insa bulchiinsaafi loltuu mana murtiitiin ala ta'eendha. Haalli kun bilisummaa mana murtii kan dhiibu ta'uun walnama hingaafachiisu.

Mootummaan ADWUI jijjiirama sirnaa fiduu isaa irraayyuu biyyattiin sirna federaalaa hordofuu waliin haala walsimatuun heera mootummaa mirkaneessuun ni yaadatama. Heerri mootummaa

FDRI bilisummaa manneen murtii fi kanneen biroo mana murtii ilaallatan kan of keessaa qabu ta'uu irraayyuu manneen murtii osoo hojiirra oolchanii amantaa hawaasaa argachuu kan isaan dandeessisan mirgoota namoomaa of keessatti qabatee argama.[6]

Rakkoolee jabanaaf damee haqaa harkisanii qaban salphisuuf akka danda'amu bara 1998 sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii kan qabate fooyya'iinsa sirna haqaa ifa taasisuun[7] hamma bara 2002tti ministeera ijaarsa dandeettii fi sana booda dhaabbata qorannoo haqaafi seeraa qajeelchaa turanii jiru. Sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa hojiirra yommuu oolu keessaahuu sagantaan damee fooyya'iinsa qaamolee kabachiistota seeraafi damee sagantaa leenjii barumsa seeraafi qorannaa cimsuu irratti sadarkaadhaan jijjiiramoonni ifaan mul'atan mul'achuun gabaasota adda addaa irratti ibsamee argama, Haata'u malee hojiileen sagantaa fooyya'iinsa mana murtii sadarkaa barbaadamuun raawwatamuu hindandeenye.

Isa kana hordofuun sagantaa fooyya'iinsa manneen murtii karaa mana kurtii waliigalaatiin akka ta'u karaa mootummaatiin murtiin kennamee bara 2003 irraa hamma 2010 turuu kan danda'u sagantaaleen fooyya'iinsa manneen murtii bocamee hojiitti seenamee jira.

Gaaffilee Marii

- Sagantaan fooyya'iinsa manneen murtii bara 1998 hojiiiira oole jijjiirama barbaadamu fiduu kan hindandeenyeef sababa maaliini? Ibsaa. (daqiiqaa 8)

1.2 Gochaalee Fooyya'iinsa Manneen Murtii Bara 2003-2010

Gaaffii haqaa hawaasni gaafatu xumuraaf deebisuu akka danda'amu sagantaan fooyya'iinsaa manneen murtii xiqqaan galmoota 7 fi bu'aalee 9 kan kaa'ate yommuu ta'u bu'aalee eegaman galmaan gahuuf kan dandeessisan pirojektootni 16 bocamanii jiru.[8] Kaayyooleen sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii:

[6] Heera RDFI Boqonnaa 3 jalatti kanniin ilaalaman mirgoota namoomaa fi dimokiraasii ilaaluun ni danda'ama.

[7] Ministeera Ijaarsa Dandeettii: Gabaasa Qorannoo Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa: Bara 1988 Fula 5

[8] Instiitiyuutii Qorannoo seeraa fi leenjii Federaalaa: Sagantaan Fooyya'iinsa Haqaa Sadarkaa Federaalaatti Haala Inni Irra jiru beekuuf qorannoo taasifame. Bara 2011 fuula 12

1. Bilisummaa abbootii seeraa, sirna iftoominaafi ittigafatamummaa guddisuun sirni heera mootummaa akka undeen lafa qabatu taasisuun tajaajiloota manneen murtii kennan bu'a qabeessa, saffisaan kan raawwatamaniifi qaqqabaa akka ta'an taasisuu
2. Manneen murtii keessatti walqixxummaa saalaa mirkaneessuun hirmaannaa dubartootaa hojii abbaa seerummaa keessatti guddisuufi adeemsa murtiitiinis dubartootaaf haala mijataa uumuu
3. Murtii irratti abbootiin mirgaa ittifayyadamummaa mirga murtiidhaan argatanii mirkaneessuu; sirna murtiitiif kan gargaaran qaamota bulchiinsa haqaa cimsuun gaaffii haqaa hawaasni qabu karaa deebisuun gahee isaanii akka taphatan dandeessiuu kan jedhaman ta'uu isaanii sagantaan fooyya'iinsa manneen murtii xiqqaa irratti ibsamanii argamu.

Sagantaan fooyya'iinsaa kaayyoofi galmaa qabatee ka'e mirkaneessuuf pirojektoota 16 ta'an bocamanii jiru. Isan kunis pirojektii misooma humna namaa;pirojektii bu'a qabeessummaa manneen murtii cimsu; pirojektii adeemsa raawwii murtii cimsu; pirojektii murtiilen kennaman akkaataa heera mootummaatiin ta'uu kan mirkaneessu; pirojektii bilisummaa abbootii seeraa, sirna iftoominaafi ittigaafatamummaa ittiin cimsuu, pirojektii yaa'ii bulchiinsa abbootii seeraa cimsu, pirojektii adeemsa hawaasni raawwii manneen murtii ittiin madaalan diriirsuu, pirojektii qaqqabiinsa manneen murtii cimsuu, pirojektii walfalmii hiikuuf filannoo biroo babal'isuufi cimsuu, pirojektii, pirojektii gamoowwaniifi faasilitiiwwan biroo guutuu, manneen murtii magaalotaa, manneen murtii shara'aa, pirojektii qaamolee loltuufi bulchiinsaa haqa kennan cimsuu, pirojektii kenniinsa tajaajila abukaatoo bilisaa fooyyeessu, pirojektii hirmaannaa hawaasaa manneen murtii guddisu,pirojektii hojimaata manneen murtii teeknoolojii odeeffannootiin cimsuu, pirojektii dokumentiifi galmeewwan yeroo dheeraaf kuufaman dhabamsiisuu fi pirojektii dhimmoota karaalee hedduun raawwataman babal'isuufi cimsuudha.

Hojiilee sagantaan fooyya'iinsa manneen murtiitiin walqabatanii raawwataman hedduun kan jiran yommuu ta'u isaan kunis pirojektoota armaan olitti ibsamaniin kan raawwataman jedhanii fudhachuun ni danda'ama. Pirojektoota kanniinii manneen murtii gochaalee fooyya'iinsaa heddu kan raawwatan yommuu ta'ullee sagantaaleen fooyya'iinsaafi raawwiin gochaalee ijoodhaan yommuu safaraman hawwasni manneen murtii irratti amantaa qabu fiduun yammuu madaalaman hanqinaalee baay'ee of keessaa qabu.

Kanaanis raawwatamuu osoo qabanuufi bu'aan argamuu osoo qabuu gochaaleen bu'aan itti hinargamin akka sababaatti eerama. Fakkeenyaaf, filannoon abbootii seeraa qajeelfamni ittiin

hojiirra oolu qophaa'uus qabatamaan bu'a qabeessa hintaane. Kunis ta'uu kan danda'eef bilisummaan abbootii seeraa,sirni iftoominaafi ittigaafatamummaa akka hinjabannee qaamoleen keessaafi alaa gidduugaluufi akkasumas,abbootiin seeraa mataa isaanii dhiibbaa adda addaatiin bilisummaa isaanii kabachiisuu danda'uu dhabuu irraa kan ka'e ta'uun gamaaggama yeroo adda addaa gaggeeffameefi gabaasota bahan irraa hubachuun ni danda'ama.

Hojimaanni abbootii seeraafi kenninsi tajaajilaa ummataaf ifa taasisuuf maxxansoota elektirooniksii sab-qunnamtii fayyadamuuf sirni diriire dhabamuun bu'aan barbaadamu hindhufne.dambiin naamusa abbootii seeraafi hanqinaalee naamusaa sirna naahaagaluu itti dhiheessan ariitiidhaan hojiirra ooluu dhabuun bu'aan hinmul'anne.murtiidhaan abbootiin mirgaa tajaajila raawwii murtii irratti ittiquufinsa argatu jedhamee eegamus komiin hawaasaa addaan hincinne.[9]

Ijaarsi gamoowwanii haala gaariin adeemsifamaa jiraatus, qaamni hawaasaa qaama miidhamtootaafi kanneen qaamaan dadhabaa ta'aniif karaa ilaalcha keessa galcheen mijataa ta'uu dhabuun rakkoon ni jira. Isaan kuniifi sagantaaleen fooyya'iinsa isaan biroon ida'amanii manneen murtii uummataa irraa amantaa karaa sirriifi guutuu ta'een argachuu hindandeenye. Haacaalu jedhee hawaasni manneen murtii irratti amantaan qabu yeroodhaa yerootti gadi bu'aa akka deemu taasisee jira.

Rakkooleeen tajaajila qaqqabiinsa saffisaa manneen murtiifi malaamaltummaa rakkoolee ta'anii ittifufanii jiru. Bara 2003-2010tti manneen murtii pirojektoota sagantaalee fooyya'iinsa manneen murtii bocanii hojiirra oolchuuf sochii taasisanis gochaalee hinraawwataminiifi hanqinaalee irratti mul'ataniin irraa kan ka'e dhaabbilee uummanni amantaa irraa qabu gadi bu'aa dhufeedha. Kana hordofuun biyyi keenya bara 2003 mootummaan jijjiirraa hoggnsaa taasisuu irraa kan ka'e manneen murtiilee hooggansi haaraan gara waltajjiitti akka bahan taasisanii jiru.

Gaaffii

- 2003 hamma bara 2010tti sababoota uummanni amantaa manneen murtii irraa qabu gadi bu'aa dhufeef ibsi. (Daqiiqaa 6)

[9] Itti Fufa, Yaadannoo Jalarraa 8, Fuula 41-42

- Kaayyoo fi galma sagantaan fooyya'iinsa qabatee ka'e milkeessuuf pirojektoota meeqatu became? Tokkoo tokkoo tarreessuun ibsi.

1.3. Fooyya'iinsa Manneen Murtii Bara 2010 as

Sirna abbootii seeraa fooyyeessuufi amantaa uummanni irraa qabu deebisuuf yaaduun yaa'ii gorsa fooyya'iinsa sirna abbootii seeraa hundeessuun labsoota hojiirra jiran fooyyeessuun bilisummaa qaama abbootii seerummaa fi dhiibbaa tokko malee akka hojjetan kan mirkaneessu, aangoo bulchiinsa manneen murtii kan balisan, bu'aalee gurmaa'ina duraanii irra fooyya'ee fi sirna diriirsuuf kan dandeessisan seerota qopheessuufi bifa labsiitiin akka bahan dandeessisuun bu'aa gammachiisaa fidee jira.[10]

Bulchiinsi abbootii seeraa lakkoofsa labsii 684/2002 kan fooyyeessu labsii haaraan yaa'iin bulchiinsa abbootii seeraa makamiinsi kan tanaan duraa irra lakkoofsi abbootii seeraa akka baay'atan taasifamee baay'inni miseensotaa gara 15tti akka ol ka'u taasifamee jira. Yaa'ichi mataa ofii koreewwaniin gurmeessuun gaheewwan isaa raawwachuu akka danda'u , aangoofi gaheen isaas akka bal'atu taasifamee jira.[11]

Hanqinaalee armaan dura turan ilaalcha keessa galchuun haalota foo'isaafi muudama kadhimamtoota abbootii seeraa tarreefi karaa ifa ta'een kaa'ee jira. Abbaa seeraa manneen murtii federaalaa ta'anii muudamuuf umrii inni xiqqaan waggaa 25 irraa gara waggaa 30tti akka ol guddatu taasisee jira. Pirezidaantiin fi itti aanaan pirezidaantii manneen murtii federaalaa hojii irraa kan gaggeeffamaniifi haala balleessaa isaanitiin ittigafataman hammatee jira. Akkasumas, fooyya'iinsaa tokkoo tokkoo taasisuun qophaa'ee jira.

Labsiin lakkoofsa 25/88 kan manneen murtii federaalaafi labsii kana fooyyeessuuf labsiiwwan bahan labsii lakkoofsa 138/1991፣ 254/1993፣ 321/1995 fi 454/1997 jijjiiruun labsiin manneen murtii federaalaa akka qophaa'uufi mana marii bakka bu'oota uummataatiin akka mirkanaa'u kan taasise yommuu ta'u ; labsiiwwan armaan dura turan irra haala adda ta'een haala yeroo keessa jiraannu yaada keessa kan galchan kan ilaalan murtiilee aangoo qabaachuu qaban akka qabaatu taasifamee jira. Danbiin naamusa abbootii seeraa federaalaa fi sirni himannaa naamusaa lakkoofsa 1/2003 bahee jira. Danboonnii fi qajeelfamoonni adeemsa qophii fi bahuu irratti argama.

[10] Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa: Haala Manniin Murtii Irra Jiruu fi fuulduraa: Muddee bara 2012 fuula 1
[11] Labsii Lakk 1234/2013

Gochaaleen seera baasuu kun bilisummaa manneen murtiif, bilisummaafi ittigafatamummaa abbootii seeraa, akkasumas, bu'a qabeessummaa tajaajila manneen murtii milkeessuuf akka danda'amu akka haal dureetti kan ilaalamu karaa gochaaleen seerota fooyyeessuun walbira qabamee yommuu madaalamu hojii bu'a qabeessa taasifamee fudhatamuu ni danda'a. [12]

Hojiileen fooyya'iinsaa bu'aalee mul'atanii fi itti fufiinsa kan qaban ta'uu mirkaneessuuf sagantaan fooyya'iinsaa waggoota sadii ogeessota ol aanoo karroorri qophaa'ee hojiirra oolaa jira. Qophii Karoora sagantaa kana irratti yaadonni abbootii seeraa, hojjettoota manneen murtiifi ogeessota seeraa irraa kan walitti qabame yommuu ta'u deeggartoonni misoomaa, waldaaleen siviiliifi ogeesonni yeroo adda addaa yaada akka itti kennan taasifamee jira. Haala kanaan karoorri qophaa'e galmoota ijoo 3 kan qabu yommuu ta'u galmoonni kunniinis bilisummaa fi ittigaafatamummaa abbootii seeraa cimsuu, Qaqqabiinsa haqaa guddisuufi beekumsa seeraa guddisuu, kenniinsa tajaajilaa guddisuu kan jedhaniidha. Galmoota kanniin milkeessuuf kan gargaaran sagantaaleen 41 bocamanii jiru. Heera mootummaa keeyyata 76(6) irratti manneen murtii baajata isaanii kallattiidhaan mana marii bakka bu'ootaaf dhiheeffatanii akka mirkaneessifatan ibsa.Haala kanaan yeroo jalqabaatiif bara baajataa 2012 baajatni mataa isaanii manneen murtiitiin akka qophaa'u taasisuun kallattiidhaan mana marii bakka bu'oota uummataatiif akka dhihaatu taasifamee jira. Gochi kunis bilisumma dhaabbatichaa eegsisuun jijjiiramni guddaan kan itti mul'ate jedhamee fudhatamuu kan danda'uu yommuu ta'u fuuldura guddina diinagdee biyyattiin irra geessuufi gumaacha manneen murtii hawaasaaf taasisaniifi galii galchan irratti hundaa'uun ilaalamaa fooyya'aa kan adeemuudha.

Dhiheessi misooma humna namaa karaa fooyyeessuutiin abbootiin seeraa lakkoofsi heddu ta'ee fi rijistiraaronni/ ogeessonni mana galmee mudamanii leenji ogummaa fudhatanii hojii eegalanii jiru. Kunis amma baay'ina dhimmootaafi hanqina qulqullina galmeetiin walqabatee yommuu ilaalamu gahaadha jedhamuu baatus fooyya'iinsi kan itti mul'ateedha jedhhanii fudhachuun ni danda'ama. Manneen murtii dirqama tajaajila saffisaa kennuu fooyyeessuuf yaaduun qaamolee kanniin raawwataniifi hojjettoota keessaa waliin hojiilee odeeffannoo walii kennuu raawwatamee jira. Tajaajila abbootii seeraa kan gaafatan dhuunfadhaan, gareedhaan, dhaabbileen, walumaagalatti

[12] Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa: Haala Manniin Murtii Irra Jiruu fi fuulduraa: Muddee bara 2012 fuula 7

lammii waliin hojiileen qunnamtii uummataa raawwachuu isaaniifi jijjiirraa raga raawwachuu isaanii ifaan hubachuun ni danda'ama.

Hojiileen qunnamtii keessaa kaayyoo amantaa uummanni manneen murtii irraa qabu deebisuu irratti hubannoo gahaa uumuuf abbootii seeraa sadarkaa sadarkaan jiran, itti gafatamtoota kutaalee adda addaafi ogeessota waliin mariin adda addaa gaggeeffamee jira. Mariiwwan kunniin ittiquufinsa tajaajila manneen murtii kennan akka argataniifi amantaan mana murtii irratti jiru yeroodhaa yerootti akka gadi bu'u kan taasisan sababoonni adda akka bahan carraa kan uumaniidha. Dabalataanis hooggansi fuuldura irratti hojjechuu kan qabu hojiileen qunnamtiin uummataa waljijjiirraa raga ilaalchisee manni murtichaa dhimmoota seeraan walqabatan fi kenniinsa tajaajilaa irratti kan xiyyeeffatu waltajjiiwwan hubannoo cimsuu akka adeemsisan ittigafatamtoota hojii qunnamtii uummataa manneen murtii waliigalaa federaalaa waliin taasifameefi dokimentoota irraa mirkaneessuun ni danda'ama.
Hojiilee qunnamtii alaa ilaalchisee karaalee qunnamtii uummataa biyya keessa jiraniin hoggantoota manneen murtii waliigalaa federaalaa argamaa gaaffii fi deebii adda addaa taasisuun, fooyya'iinsa manneen murtii taasisan beeksisuun hojiilee gammachiisoon raawwatamanii jiru.

Haaluma walqabateen manneen murtiin amantaa uummataa dhaban deebisuu akka isaan dandeessisu qaamlee hawaasaa adda addaa waliin, ogeessota seeraa waliin, abukaatoowwan fi waldaalee siviilii waliin waltajjii marii qophaa'ee jira.[13] Hirmaattonnis manneen murtii keessatti rakkoolee jiran haal gahaa ta'een akka hubataniifi rakkooleef qaama furmaata kennu ta'uun gumaacha taasisuu qaban yaada kan itti waljijjiiran mariiwwan gaggeeffamanii jiru.[14]

Kana cinaatti wantoonni manneen murtii keessatti raawwatamaa jiran akkasumas raawwiin karaa ibsa gaazeexaatiin, gaafannoo, gabaasaa fi eeruudhaan kennuun raga karaa miidiyaa hawaasaa fi qunnamtii hawaasaatiin (Raadiyoo, televizyinii, gaazeexaa) fayyadamuun hojiin uummata biraan gahuun raawwatamee jira. Kanaan alatti manneen murtii federaalaa sochii jijjiiramaa ammaa keessa jiraniifi haala qabatamaa kan hubachiisan odeeffannoo hawaasa addunyaatiif kennuun hojii ilalcha manneen murtiitiif ijaaruu raawwatamaa jira.

[13] Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa: Haala Manniin Murtii Irra Jiruu fi fuulduraa: Muddee bara 2012 fuula 12
[14] Itti fufa fuula 12

Miidhaa saalaafi saala bu'uureffatan ittisuufi gama deebii kennuutiin deeggarsa seeraa bilisaan akka argatan dandeessisuuf yaalamee jira. Dhimmi koorniyaa akka dhaabbataatti akka ta'u haalota mijeessuuf hojiilee raawwatamen yaad-rimee koorniyaa qabsiisuufi dhaabbaticha keessattis dhimmichi karaa walfakkaatuun hojiirra akka oolu karaa dandeessisuuniifi maanuwaalii dhimma koorniyaan walqabatu qophaa'ee ibsi erga irratti kennameen booda qaamota dhimmi ilaallatuuf hunda raabsamee jira.

Fooyya'iinsa manneen murtii kanneen armaan olitti ibsamaniin yommuu ilaalamu manneen murtii bara 2010 asitti hojiilee fooyya'iinsi irratti mul'ate raawwachuu isaanii hubachuun kan danda'amu bu'aan gochaalee fooyya'iinsa manneen murtii yeroma sanatti kan mul'atu waan hintaaneef qaamleen dhimmamtoota biroofi hirmaannaa hawaasaa kan bal'inaan barbaadu ta'uu fi kanas yeroo gabaabaa keessatti fiixaan baasuun kan hindanda'amne waan ta'eef keessattuu bilisummaa abbootii seeraa mirkaneessuuf hojiileen hojjetamuu qaban kan hafan jiraachuu, ittigaafatamummaa ilaalchisee kana kan jedhamu qabatamaan sochiin waan hinmul'anneef,gahumsi fi naamsni abbootii seeraa sadarkaa barbaadamu irra gahuu dhabuu, keenniinsi tajaajila hojjeettoota manneen murtii kanneen biroo bifa mul'atuun kan hinfooyyofneefi rakkooleen biroo hojjettoonni manneen murtii isaan biroo rakkooleen isaan biroo kanaan walqabatan jiraachuu irraa kan ka'e manneen murtii biyya keenyaa amantaa uummataa argachuun bu'a qabeessa ta'an jechuun nama hindandeessisu.

Qabxiilee Marii

- Yeroo duraa irra haala fooyya]een bara 2010 booda manneen murtii amantaa uummanni irraa qabu deebisuuf hojiilee hojjetaman yoo jiraatan tarreessi.
- 2003 hamma 2010tti yeroo jirutti jijjiiramni jira jechhun ni amantuu? Yoo jiraate walbira qabuun ibsaa.

BOQONNAA LAMA

Fooya'iinsa Mannee Murtii fi Mirgoota Namoomaa

Manneen murtii akka qaama mootummaa tokkootti aangoo isaanii yeroo itti fayyadaman mirgoota namoomaa eeguu akka qaban, mirgoonni kunneen namoota birootiin sarbamanii yemmuu argan aangoo seeraan isaaniif kennametti fayyadamuudhaan kabachiisuufitu irraa eegama.

Akkuma beekkamu mirgoonni hunduu ka'uumsaa fi adeemsa dhala namaa waan ta'eef haala kamiinuu manneen murtii yeroo sagantaa fooya'iinsaa bocatanis ta'ee hojii irra oolchan mirgoota namoomaa dhala namaa ilaalcha keessa galchuutu irraa eegama. Leenjifaman leenjii kutaa kanaa xumure:

- Manneen murtii keessatti mirgi addaa qaama miidhamtootaaf eegamuu qabau ni hubatu
- Fooya'iinsi manneen murtii mirga qaama miidhamtootaa eegsisuu irratti sadarkaa isaanii ni gamamagamu
- Mirgoonni dhimma koorniyaa maal maal akka ta'an adda ni baafatu
- Bilisummaa abbaa murtii jechuun maal jechuu akka ta'e ni hubatu
- Bilisummaan abbootii murtii haqummaa manneen murtii irratti bu'aa inni qabu ni tarreessu
- Fooya'iinsa Manneen murtii keessatti bilisummaan abbootii seeraa bakka/xiyyeeffannoo inni qabu ni gamagamu.
- Naamusni abbootii seeraa adeemsa waliigalaa haqaa irratti dhiibbaa inni fidu ni beeku
- Waa'ee adeemsa kenniinsa haqaa irratti hubannoo ni argatu

2.1. Mirgoota Qaama Miidhamtootaa fi Fooya'iinsa Manneen Murtii

Qaama miidhamtootni tajaajila manneen murtii sirrii ta'e argachuu akka hin dandeenyeef sababootni ijoo isaan ittisan bakka sadatti qoodnee ilaaluu ni dandeenya. Isaanis: tokkoffaa seeronni, imaammatni fi hoji-maatni qaama miidhamtoota hirmaannaa keessaa yeroo ittisu, lammaffaa qaama miidhamtoonni fedhii addaa qaban irraa ka'uun haalli odeeffannoo gahaa ta'e itti argatan haala ga'umsa qabuun jiraachuu dhabuu. Fkn: Namni af-lattoo hiiku dhabamuu, manneen murtii keessatti bakka argamaa fi gahee hojii isaanii agarsiisu kutaalee adda addaa ibsamuu dhabuu, akkasumas sadaffaa irratti haala ijaarsa gamoowwanii fi biiroolee biroo mijataa ta'uu isaa waliin wal qabatee qaama midhaamtootaf haala mijataa ta'een kutaa galumsaa, akkaataa ijaaramaa fi taa'umsi dhaddachaa, bakka taa'umsa ragootaa, manneen fincaanii fi kkf guutamuu dhabuu jennee kaa'uu dandeenya.

Waliigaltee eegumsa mirga qaama miidhamtoota addunyaalessaa biraan ga'iinsa haqaa ilaalchisee qaama miidhamtootni akkuma namoota biroo mirgi haqa argachuu mirkanaa'uufii akka qabuu, kun immoo kan ibsu bulchiinsa haqaa keessatti qaama miidhamtootni karaa kallattiidhaanis ta'ee al-kallattiidhaan hirmaattota ta'uu akka qaban tumamee jira.[15] Waadaa addunyaalessaa kana keessatti tumaatilee kaa'aman hojii irra oolchuun akka danda'amuuf biyyoonni waadaa kana seerota biyya isaanii keessatti hammachiisuu ykn haalli hiika seerota isaanii akkaataa waadaa kana wajjin walii galuu danda'utti hiikutu irraa eegama.

Biyyi tokko qaama miidhamtootaaf biraan ga'iinsa haqaa mirkaneessuuf seerota, imaammataa fi hoji-maata yemmuu baasuu fi hojii irra oolchu mirga qaamolee hawaasaa kana dhaggeeffachuun kan irraa eegamu yemmuu ta'u seeronni yemmuu ba'an karaa waldaalee gurmaa'aniitiin akka hirmaatan taasisuutu irraa eegama. Seeronni fi imaammatoonni bahan akkaataa waliigaltee waadaa mirga qaama miidhamtoota addunyaatiin erga sirraa'anii booda dhaabbileen miti mootummaa mirga namoomaa qaama midhamtootaa irratti hojjatan, abbootiin seeraa fi hawaasni mana murtii leenjii walitti fufiinsaa fi gahumsa qabu argachuu qabu. Saganataa akkasii kana manneen murtii hoogganuu fi raawwachiisuu irratti gahee ol'aanaa taphachuu qabu. Biyyi keenya Itoophiyaanis waliigaltee addunyaalessaa kana fudhattee jirti

Saganataalee fooya'iinsa mannee murtii Itoophiyaa keessattuu qaama miidhamtoota fedhii addaa qaban biraan ga'iinsa haqaa ilaalchisee bara 2003-2010 A.L.I tumameen porojektiin fooya'iinsa manneen murtii 16 keessatti, keessattuu dhimmoota baballisuu fi cimsuu baay'ee of-keessatti qaban irrattii yemmuu ta'u yeroo kana keessatti porojektoonni jalaqabbii irra jiran akka ta'anii fi porojektii gara hojiitti hin seeneellee akka jiran qorannoon ni agarsiisa.

A.L.I. bara 2011 boodas yoo ta'e qacarrii humna namaa fi jijjiiramoonni muraasni mul'achuu irraa kan hafe haqni qaama miidhamtoota bira akka ga'uuf hojiileen taasifaman bu'a qabeessummaan isaanii kan nama shakkisiisu ta'uu isaa irrayyuu kara seera qabeessa idilaawaatti kan hin jijiramane ta'uu isaanii agarsiisa. Gabaasa manni murtii waliigalaa bara 2012 keessattis dhimmoota kanneen irratti hojiileen hojjataman jiraachuun isaanii haala ifa ta'een ibsamanii hin argaman.

Kana waan ta'eef, labsiiwwan fi seerota biroo Itoophiyaan baafte fi akkasumas, gama waliigaltee dookimantii waadaa addunyaalessaatiin yemmuu ilaalamus mirgoota qaama miidhamtootaa

[15] Waliigaltee eegumsa qaama miidhamtoota addunyaalessaa keeyyata 13

keessattuu manneen murtii keessatti jiraachuu kan qabu biraan ga'iinsa haqaa irratti gama seerootaa fi imaammataatiin rakkoon hangana jedhame kan hin jirre yoo ta'ellee hojii irra oolmaa isaanitiin sadarkaa bu'aa qabeessuumaa fi gara hojii idileettii jijjiramuun isaa hanga barbaadamee miti. [16]

Gaaffilee Marii

- Fooya'iinsi Manneen murtii qaama miidhamtoota fedhii addaa qaban ilaalcha keessa galchuun kan qophaa'an jettanii yaadduu? Deebiin eeyyen yoo ta'e akkamitti? Lakki yoo jettan immoo agarsiistuuwwan isaanii ibsi.
- Manneen murtii Itoophiyaa qaama miidhamtootaaf mijatoodhaa? Deebiin eeyyen yoo ta'e akkamitti? Lakki yoo ta'e immoo agarsiistuuwwan isaanii eeraa.

2.2. Dhimmoota Koorniyaa fi Fooya'iinsa Manneen Murtii

Mirga wal-qixxummaa dubartootaa qaama mirgoota namoomaa ta'uun isaa hojii manaa biyya tokkoo qofaa miti. Kana irraa ka'uudhaan dhimmi koorniyaa dhimma addunyaalessaa ta'uun xiyyeeffannoo hawaasa bal'aa argatee jira. Qooddaa dubartoota irratti taasifamu hambsisuuf mirgoonni dubartootaa waliigalteewwan addunyaalessaa baay'ee keessatti hammatamanii argina.

Chaartariin mootummoota gamatoomanii irratti akka ibsamee jirutti kaayyoo ijoon mootummoota gamatoomanii mirgoota namoomaa fi mirgoonni bu'uuraa: sababa sanyii, afaanii, saalanii fi kkk garaagarummaan osoo irratti hin taasifamini hundaafuu akka ta'uuf gargaarsa addunyaa cimsuu fi guddisuun barbaachisaadha.

Ibsi mirgoota namoomaa hunda hammatoon namni hundumtuu mirgaa fi kabaja wal-qixa ta'e qabatanii uumamuun isaanii fi bilisa ta'uu isaanii tumee jira. Dabalataanis keeyyata 16 jalatti fuudhaa fi heerumni fedhii qaama fuudhuu fi heerumuu irratti qofa hundaa'uu akka qabuu fi dubartootni fedhii isaanitiin gaa'ela dhaabbachuu akka danda'an eeramee jira.

Waliigalteen mirgoota siiviilii fi siyaasa addunyaalessaa dhiibbaa koorniyaa bu'ureeffate hubachuudhaan mootummoonni miseensa ta'an mirgoota sanadicha irratti tumaman garaagarummaa tokko malee dubartootaaf akka kabajamuuf tarkaanfilee barbaachisaa ta'an akka

[16] Giddugala leenjii qorannoo haqaa fi seeraa federaalaa,qorannoo haabuuraa saganataa fooya'iinsa haqaa dhabbilee federaalaa adda baasuuf taasifae, bara 2011, fuula 50

fuddhatan kan agarsiisu yemmuu ta'u keeyyata 2 jalattis dirqama itti kennee jira. Akkaatuma waliigaltee kanaa keeyyata 3 jalatti ibsameen biyyoonni miseensa ta'an sanadicha keessatti kanneen hammtaman mirgoota siiviilii fi siyaasaa dubartootnii fi dhiironni wal-qixa fayyadamoo ta'uu isaanii mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qabu. Dabalataanis, akkaataa waliigaltee keeyyata 23 gaa'iilli kan hundaa'u fedhii fi filannoo warren wal-fuudhanii qofa irratti hundaa'uu akka qabuu fi dubartoonni yeroo heerumanii gaa'illi isaanii cimee yeroo itti fufuu fi yeroo diigamutti mirga dhiirotaan wal-qixa akka qaban tumamee jira.

Waliigalteen mirgoota diinagdee, hawaasummaa fi aadaa addunyaalessaa akkuma waliigaltee mirgoota siiviilii fi siyaasa addunyaalessaa mirga wal-qixa itti fayyadamuu dubartootaa keeyyata 3 irratti ittii gaafatamummaan mirkaneessuu biyyoota miseensa ta'anitti kennamee jira. Dubartootni dhiirotaan wal-qixa carraa hojii argachuu, hojii wal-fakkaatutti kaffaltii wal-qixa, akkasumas bakka hojii mijataan uumamuufi akka qabu keeyyata 7 jalatti kaa'amee jira. Dabalataanis, keeyyata 10 jalatti dubartootni gaa'iila irratti dhiirotaan wal-qixa mirga kan qaban ta'uu isaanii fi mirga kunuunsa fayyaa argachuu akka qaban tumamee argama. Garaagarummaan dubartoota irratti taasifamu kamiyyuu dhabamsiisuuf karaa waliigaltee taasifameen mirgoota dubartootaa fi garaagaruummaan dubartoota irra gahu ittisuuf waliigaltee bahe yemmuu ta'u keeyyattoota 30 jalattuu loogiin garaagarummaa dhoorkan, tarkanfilee sirreeffamaa fi tumaatilee eegumsa taasisan qabatee argama.

Biyya keenya keessattis mirgoota wal-qixxummaa dubartootaa mirkaneessuu akka dandeessisuuf yaaduun heera MFDRI keeyyata 35 jalatti mirgoota bu'uuraa fi namoomaa dubartootaaf wabii kan kenne yemmuu ta'u tarkaanfileen gargaarsaatis mirga fayyadamuu dabalatee barmaatilee miidhaa geessisan irraa mirga eegamuu, immaamataa, saganataalee fi tarsiimoo biyyattiin baastu irratti hirmaachuu,mirga dhaaluu, mirga abbaa lafummaa bulchuu fi daddabarsuu, mirga hojiitti qacaramuu, mirga kunuunsa fayyaa argachuu gurguddoo yemmuu ta'an mirgoota kanneen raawwachuuf seeronni baay'een bahanii jiru. Seeronni garaagarummaan dhimma koorniyaa bu'uureffate taasisaa turan akka fooya'an taasifamanii jiru. Kanatti dabaluunis, biyyi teenya waliigalteewwan armaan olitti ilaalle kanneen fudhattee jirti. Akka waliigalaatti dhimmoota armaan olii irraa habatamuun kan danda'amu hirmaachisummaa imaammataa fi seeraa irratti biyyi keenya Itoophiyaan mirga wal-qixxummaa dubartootaa kabachiisuu irratti sadarkaa jajjabeeffamu qabu irra jirti.

Biyyi keenya gama seerootaa fi imaammata waliigalaa irratti mirga wal-qixxummaa dubartootaa mirkaneessuun qofti mirgoota dubartoota Itoophiyaa keessa jiranii qabatamaan mirkanaa'ee jira murtoo jedhutti nama geessisuu hin danda'u. Inumaayyuu mirgoota wal-qixxummaa dubartootaa kana mirkaneessuun akka danda'amuuf gahee qaamoleen mootumaa hundaa, qaamolee qooda fudhattootaa fi hawaasni bal'aan taphachuu qaban adda baasuun hojii irra oolamaa fi raawwii isaanii irratti hirmaachuu qabu. Gara mana murtiittis yemmuu dhufnu akka qaama mootummaa tokkootti mirgootni namoomaa dubartootaa kunniin osoo irraa hin hir'atin hojii irra akka oolaniif itti gaafatamummaa kan qaban yemmuu ta'u gara hojiitti jijjiruuf waliigalteewwaan addnyaalessaa waliin haala wal simatuu danda'uun sagantaalee fooya'iinsa mannee murtii qopheessuun hojii irra oolchutu irraa eegama.

Fooya'iinsa manneen murtii ilaalchisee A.L.I bara 2003-2010 yeroo jiru kan uwwisu sagantaaleen adda addaa kan bahan yemmuu ta'u, mirgoota dubartootaa mirkaneessuu keessatti porojektiin dhimmoota baay'ee irratti hojii irra oolmaa, baballisuu fi cimsuuf oolan bahuun isaa ni yaadatama. Porojektichis, wal-qixxummaa koorniyaa eegsisuuf imaamatnii fi hojimaatonni manneen murtii keessatti hojii irra oolan walqixummaa dubartootaa hubannaa keessa galuu akka qabu ifaan taa'ee jira. Bu'uura kanaan heera mootummaa keessatti mirgoonni dubartootaaf mirkanaa'an, sabaabootaa fi fala tutuqqaa saala dubartootaa ilaalchisee leenjiiwwan hubannoo gabbisan hawaasa mana murtiitiif kennamuun isaa gabaasa waggaa manneen murtii irraa beekuun ni danda'ama. Kanaan wajjin wal-qabatee cheek-liistii hordoffii qophaa'ee sirni hordoffii fi gamagamaa hojjatamaa turee jira.

Dandeettii hooggansa dubartootaa kanneen cimsanii fi gara hooggansaatti akka dhufan kan dandeessisan carraawwan leenjiiwwan ogummaa fi barnootaa mijatee jira. Kabjni guyyaa tutuqqaan saal-qunnamtii fi guyyaan riivaanii adii addunyaalessaa guyyaan dubartootaa akka yaadatamuuf jecha hojjattootaan akka kabajaman taasifamee jira.[17] Odeeffannoo humna namaa walitti qabuu fi qindeessuu yoo ilaalles akkaata dhimma koorniyaa giddu galeeffateen qabamuu danda'ee jira.

Bara 2010 asittis manneen murtii federaalaa waligalaa irrattis gara daayireekitoreetii dhimma dubartootaa fi dargaggootaatiin heera mootumaa fi bu'uura seerota adda addaatiin mirgoonni

[17] Itti Fufa: Yaadannoo Jalaa 26 Fuula 50

dubartootaa mirkanaa'an akka kabajamaniif leenjjiiwwan adda addaa kanneen hubannaa cimsan abbootii seeraa fi hojjattoota birootiif akka kennaman taasifamee jira. Maanuwaaliin dhimma koorniyaa of-keessatti qabate qopheessuudhaan dhaabbilee qaama ilaalatuuf raabsamee jira, gochaaleen biros raawwatamaa argamu.

Karaa biraatiin dhimma koorniyaa ilaalchisee karaa manneen murtiitiin hojiileen hojjataman fooya'iinsi kan irraa mul'atu yoo ta'ellee abbootiin murtii baay'een koorniyaa irratti tutuqqaawwan taasifaman keessummeessuuf muxannoo gadi aanaa waan qabaniif, adeemsi haqa kennuu turuun, dhimmoota wal-fakkaatan irratti murtoo adda addaa kennuu waan jiruuf akkasumas ilaalchi abbootii seeraa tokko tokkoo rakkoo kan qabu waan ta'eef yooya'iinsi manneen murtii dhimma koorniyaa waliin yemmuu ilaallu jijjirama kan qabu yoo ta'ellee sadarkaa barbaadame irra akka hin geenye hubachuun ni danda'ama.[18]

Gaaffilee Marii

- Itoophiyaa keessatti dhimma koorniyaatiin walqabatee mirgoota namoomaa dubartootaa haala barbaadameen akka hin kabajamne wantootni taasisan yoo jiraatan ibsi? Yaada furmaataas dhiyeessi
- Miidhaa dubartoota irra gahu ittisuuf biyya keenya keessatti fudhatama kan qaban hammatummaan seeraa eenyu fa'i akka ta'an ibsi

Mirgoota namoomaa armaan olitti ibsamanii fi karaa manneen murtiitiin akka kabajaman taasisuuf adda durummaan qajeeltoowwan armaan gadii hojii irra akka oolanii fi sagantaalee fooya'insa manneen murtii keessattis hammatamuu akka qaban ni amanama. Kana irraa ka'uudhaan qajeeltoowwan kanneen ilaaluun barbaachisaadha.

2.3. Adeemsa Murtii Haqaa

Namoonni biyya tokko keessa jiran uumamaan kan argatan fi seeraan kan beekameef mirgootni namoomaa seeraan ibsamuun alatti, keessattuu mana murtiitiin akka mirkanaa'uuf taasisuuf manneen murtii qajeeltoo adeemsa murtii haqaa seeraan hojii irra oolchuu qabu. Adeemsa murtii haqaa mirkaneessuuf bu'uura ijoo kan ta'e mirga wal-qixxummaa yemmuu ta'u, mirgi kun waadaa mirgoota siiviilii fi siyaasa addunyaalessaa keeyyata 14(1) irratti: namni hundumtuu seera fuul-

[18] Itti Fufa Fuula 50

duratti mirga wal-qixa ilaalamuu qabu jedhee tumee jira. Sanaduma waadaa kanaa keeyyata 26 irratti namoonni hundumtuu seera fuul-duratti wal-qixa, jidduu isaanittis garaagarummaan tokkoyyuu osoo hin taasifamin eegumsi wal-qixa ta'e taasifamuufii qaba jechuun tumee jira.

Heera MFDRI keeyyata 25 irrattis sanada waadaa armaan olitti ibsame waliin haal wal-simuu fi bifa ibasa wal-fakkaatuun/tokko/ ta'een namoonni hundumtuu seera duratti wal-qixa, jidduu isaanittis garaagarummaan tokkoyyuu osoo hin taasifamin eegumsi seeraa wal-qixa ta'e ni taasifamaaf. Haala kanaan sanyiidhaan, sabaan, sab-lammiin, bifaan, koorniyaan, afaan, amantaa, siyaasa, dhufaatii hawaasummaa, qabeenya, dhalootaa ykn sababa birootiin garaagarummaan osoo hin taasifamin namoonni hundumtuu mirga wabummaa seeraa wal-qixaa fi qabatamaa ta'e argachuu ni qabu.

Namni tokko dhimma yakkaatiin himatamaa ta'ee yeroo dhiyaatutti ykn dhimmoota hariiroo hawaasaatiinis yoo ta'e qaamoleen falmitootaa dhimmoota isaanii qabatanii mana murtii yeroo dhiyaatanitti, dhiimicha qabame irratti adeemsi dhaddachaa bitaa mirga wal-qixaan ilaaluun akkaataa seera hariiroo hawaasummaa fi dambii seera yakkaa tumaman akkasumas, bu'uura seerota birootiin kan isaaniif eegamuu qabu mirgoonni hundumtuu akka eegamuuf gochuufin barbaachisaa yemmuu ta'u dhaddachis adeemsisuu kan qabu bifa ifaa fi haala ummataaf banaa ta'etti.

Adeemsi murtii haqaa jiraachuu qaba jedhamee kan yaadamu sababoota adda addaa fi galma ga'umsaa bu'uureeffachuun yemmuu ta'u kanneen keessaa ijoo ijoo kan ta'an: sababni tokkoffaan namoonni mirgoonni namoomaa isaanii akka hin sarbamne ittisuuf kan fayyadu ta'uu isaati. Inni lammaffaan dhimmoota yakkaas ta'ee hariiroo hawwasummaa irratti murtoon kennamu adeemsa murtii yeroo keessa darbutti dogogoraan murtiin balleessummaa akka hin mudanneef, kanaanis namoonni qulqulluu ta'an murtoo dogogoraatiif akka hin saaxilamee ittisuuf gahee mataa isaa kan qabu ta'uu isaati. Sababni sadaffaa irratti eeramuu danda'u immoo tarii dhimmoota armaan olitti eeraman irraa ka'uudhaan dogogorri uumaamee, mirgoonni namoomaa sarbamanii yoo argaman miidhaa kana hanga danda'ameen bakka buusuu akka danda'amu taasisuuf.

Bilisummaa fi walabummaan abbootii murtii gaaffii keessa galuun, dhimmoota yakka gurguddoo qofa irraa kan hafe himatamaadhaaf kan ramadamu abbaan alangaa ittisaa jiraachuu dhabuu, dhaddacha tokko tokko irratti haala falmitoota kabajuu dhiisuu,turjumaanni af-lattoo

dhabamuu,akkasumas galma dhaddachaa gahee ta'e dhabuun adeemsa murtii haqaa biyya keenyaa haala guutuu ta'een akka hin mirkanoofne gufuuwwan taasisaniidha jedhanii murteessuun ni danda'ama.

2.4. Bilisummaa Abbootii Murtii

Akkaataa yaada seera ammaayyaatti, yaad-rimeen bilisummaa abbaa murtii abbaan abbootii seera qofa osoo hin taane manneen murtiis akka dhabbata tokkootti kan hammatuudha.[19] Yaad-rimeen bilisummaa abbootii murtii barreeffama kanaaf akka bifa mijatuun yemmuu hiikamu abbootiin murtii dhimma qaban tokko irratti murtii kennuuf garee falmitootaa biraa kan dhiyaatu falmii, yaada ijoo, ragaa fi dhimmichaaf ittigaafatamummaa seera kan qabuun alatti murtoo kennuus ta'ee adeemsa murtii kennuu irratti qaama mootummaa kamirraayyuu, abbootii aangoo fi namoota dhuunfaa jiddu galummaa fi dhiibbaa kamirraayyuu bilisa ta'uu kan gaafatuu yemmuu ta'u akka dhaabbataatti manneen murtii; abbootiin seeraa fi hojjattootni deeggarasaa bilisummaa bulchuu qabaachuu qabu hiika jedhu fudhanna.[20] Kunis filannoo abbootii seeraa, muudama, jijjiirraa, guddina, naamusa, hojiirraa dhoorkuu, mindaa fi faayidaalee adda addaa bilisummaa murteessu jiraachuun alatti manneen murtii tilmaama hanga bajata isaan barbaachisuu qophessun qaama ilaallatuuf akka mirkanaa'uuf dhiyeessuu fi erga mirkanaa'ee boodas jiddu galumaa qaama seera raawwachiistuu alatti bilisummaa bajata isaa bulchuus kan hammatuudha.[21]

Manni murtii bilisa ta'e bu'uura olaantummaan seeraa fi sirni dimookiraasii akka jiraatuuf haal dureedha. Mirgoota bu'uuraa fi bilisummaan heera mootummaa ykn seera biraa keessatti tumamuun isaanii qofti ofii isaatiif kabajamuu mirgootaaiif wabii ta'uu hin danda'u.[22] Mirgoonni kunneen dhugaa akka ta'aniif manni murtii bilisa ta'e fi abbootiin seeraa hojii isaanii bilisummaadhaan kan hojjatan jiraachuu qabu.

Manni murtii bilisummaa hin qabne mirgoota bu'uuraa mirkaneessuu hin danda'u. Lammiilee fi mootummaa akkasumas sababii walitti dhufeenya namootaa irraa kan ka'e wal-falmii hariiroo hawaasummaa ykn yakkaa manni murtii walabaa fi bilisa ta'ee fala kennuu danda'u bakka hin jirretti olaantummaan seeraa mirkanaa'uu hin danda'u. Bakka olaantummaan seeraa hin

[19] Dhaabbata leenjii qaamolee haqaa fedeeraalaa maanuwaalii leenjii fuula 5
[20] Itti Fufa fuula 11
[21] Itti Fufa
[22] Itti Fufa fuula 13

mirkanoofne keessatti immoo ijaarsi sirna dimookiraasii fi bulchiinsi gaariin dhugoomuu hin danda'u.[23] Nageenyii fi Misoomni waliiti fufiinsa qabu jiraachuu hin danda'u. bilisummaan abbootii seeraa guddina invastimantii fi diinagdeetiif bu'uura. Ummannii fi abbootiin qabeenyaa abbootii seeraa manneen murtii irratti amanataa akka horataniif biyya tokko keessatti bilisummaan abbootii seeraa mirkanaa'uun dhimma ijoodha. Kanaafuu barbaachisummaa bilisummaa abbootii seeraa irratti falmiin tokkoyyuu hin jiraatu.[24]

Gaaffiin bilisummaa, bal'innii fi gochi abbootii murtii raawwii isaa irratti. Bilisummaa abbootii seeraa kan ilaallatu; bilisummaan abbootii seeraa eegamuu isaanii mirkaneeffachuuf ulaagaalee barbaachisan, falloota fudhatamuu qaban fi biyyoonni hordofuu kan qaban tooftaalee jiran kan agarsiisan ibsa tumaman fi sanadoota qabiyyee addunyaalessaa qaban yemmuu ta'an irraa caalaa qajeeltoowwan manneen murtii mootummoota gamtoomanii, bilisumma abbootii seeraa madaallii isa xiqqaa waldaa abokaatoo addunyaalessaa, ibsa moonitiriiyaalii bilisummaa haqaa hunda hammatoo, qajeeltoowwaan bu'uura bilisummaa mana murtii mootummoota gamtoomanii akkasumas bilisummaa fi walabummaa manneen murtii hunda hammataan keessatti argamu.[25] Sanadoonni qabiyyee addunyaawaa qaban kunniin biyya keenya irratti kallattiin dirqisiisuu kan hin qabine ta'anillee biyyi kamiyyuu walabummaa manniin murtii eegsisuu yoo barbaade yaaddan agarsiisuu danda'an kan qabateedha.[26]

Bilisummaa abbootii seeraa mirkaneessuuf jalqaba irratti tarkaanfiin fudhatamuu qabu bilisummaa abbootii seeraatiif eegumsa seeraa taasisuudha.[27] Biyyoonni baay'een bilisummaa abbootii murtiitiif qajeeltoon beekkamtii fi eegumasa heeraa tassisee jira. Bu'uura kanaan wabii bara hojii abbootii seeraa,muudama, hojiirraa dhoorkamuu, mindaa fi dhimmoota biroo heera isaanii irratti akka hammatamu taasisanii jiru. Haala kanaan heerri MFDRI keeyyata 78 irratti qaamni bilisummaa murtii kan dhaabbate ta'uu isaa ifaan kan labse yemmuu ta'u keeyyata 79 irratti immoo qaamni abbaa murtii qaama mootummaa kamirraayyuu, abbootii aangoo fi dhibbaawwan

[23] Dhaabbata leenjii qaamolee haqaa fedeeraalaa maanuwaalii leenjii fuula 13
[24] Itti Fufa
[25] Itti Fufa
[26] Itti fufa
[27] Itti Fufa

biraa irraa bilisa jedhee lafa ka'ee jira. Abbootiin seeraas hojii seerummaa isaanii bilisummaa guutudhaan ni raawwatu, seeraan alatti haala kamiinuu hin gaggeeffaman jechuun ibsamee jira.[28]

Heera MFDRI keeyyata 79 (4) fi (5) irratti haala soorama bahuu abbaa murtii ilaalchisee kan tume yemmuu ta'u keeyyata 76(6) irratti immoo manneen murtii qaama seeraa kan ittiin bulchan bajata mana mare bakk bu'oota ummataa dhiyeessee mirkaneessisa. Yeroo iyyameef bajaticha ni bulcha jedhee tumamee jira. Dhimmoota manneen murtii biroo fi gochaalee abbootiin seeraa raawwachuu qaban akka raawwataniif yaa'iin bulchiinsa abbootii seeraa akka dhaabbatu taasisee jira. Kunis kan agarsiisu bilisummaa abbootii seeraa beekkamtii seeraa kennuu irratti heerri MFDRI sirriitti beekkamtii kennuu isaati.

Qabatamaan raawwii jiru ilaalchisee heerri mootummaa manni murtii mataan isaa danda'ee bajata mirkaneessuu fi bulchuu akka qabaatu kan tume yoota'ellee hanga bara 2012tti manneen murtii fedeeraalaa bajata isaanii kallattiidhaan bakka bu'oota ummataatti dhiyeessuu fi mirkaneessanii hin beekan. Inni kun immoo bilisummaa dhaabata manneen murtii irratti dhiibaan inni qabu salphaatti kan ilaalamuu miti.

Akka bu'uura bilisummaa abbootii murtii madaallii xinnaa addunyaalessaatti abbootiin seeraa sirna jijjiirraa idilaawaa irraa kan hafe eeyyama isaaniin alatti bakka tokko irraa gara biraatti jijjiramuu hin qaban.[29] Kunis kan ta'uuf abbaan seeraa tokko haala kanaan yoo murteesse sababa kanaan bakka biraatti nan jijjirama soda jedhu sammuu isaa keessatti akka uumamuu fi gara bakka biraatti jijjiramuu dhiisuuf jecha seeraan ala haalli itti murtaa'u akka hin jiraanne taasisuuf.[30] Jijjiirraan abbootii seeraa seeraa ifaan kan taa'e saba irratti kan bu'uureeffate ta'uu qaba. Guddinni abbootii seeraa immoo madaallii qabatamaa ta'e keessattuu; dandeettii, naamusa fi muxannoo irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

Guddinnii akkamittii fi madaallii kamiin akka kennamu seeraan ifatti kaa'amuu akka qabu qajeeltoon bilisummaa abbootii murtii ni gaafata.[31] Bu'uura kanaan haala biyya keenyaa yemmuu ilaallu sadarkaa federaalattis ta'ee naannoletti jijjiirraa abbootii seeraa murteessuuf aangoo kan qabu yaa'ii bulchiinsa abbootii seerati. Haata'u malee jijjirraan sababa maalitiif yeroo kam

[28] Giddugala leenjii qaamolee haqaa fedeeraalaa: Moojuulii leenjii fuula 28
[29] Itti fufa
[30] Itti fufa
[31] Itti Fufa

keessatti raawwatamuu akka qabu seerri ibsu hin jiru. Guddinas ilaalchisee madaallii ifa ta'ee seeraan taa'e hin jiru. Kana waan ta'eef yaadota armaan olii irraa mirkaneeffachuun akka danda'amutti bilisummaan abbootii seeraa heera mootummaatiin dhimma beekkamtii argatedha yoo jedhamellee haala guutuu ta'een bilisummaa abbotii seeraa mirkaneessuuf hojiilee baay'ee karoorfannee hojjachuutu nurraa kan eegamu ta'uu isaati.

Gaaffii Marii

- Bilisummaa abbootii seeraa ilaalchisee hanqinaalee jiran haalota akkamitiin kan mul'atuudha? Tokko tokkoon mariin irratti haataasifamu (daqiiqaa 12)

2.5. Haala Naamusa Abbootii Seeraa

Abbootiin seeraa hojii isaanii bilisummaadhaan raawwachuu qabu. Seeraan alatti haalota keessoos ta'ee kan alaa kamiinuu dhiibbaan jiddu galumaa irratti taasifamuu hin qabu jechuun abbootiin seeraa hojii isaanitiin alatti naamusa gaarii hojichaa irraa haala adda ta'een hawaasa biratti amanamummaa manneen murtii gochoolee hir'isan akka hojjatan isaan taasisa jechuu miti, raawwatanii yoo argamanis ittigaafatamummaa hin qaban jechuus miti.[32]

Amalli hojiin seerummaa walabummaa, madaalummaa, amanamummaa, tattaafataa, gaarummaa fi miira tajaajilummaa ummataa kan gaafatudha.[33] Haata'u malee qajeeltoo fi yaada kanaan alatti manneen murtii dhaabbilee ummataa ta'an keessa abbootiin seeraa hojjatan faayidaa ummataa haala miidhuu danda'uun hojii isaanii raawwachuu ni danda'u, seeraas cabsuu danda'u, fedhii mataa isaanii fi ilaalcha siyaasaa gaggeessuu danda'u, loogummaa raawwachuu danda'u, malaammaltummaan akka raawwatamuuf eeyyamuu ni danda'uu akkasumas hojii isaanii aariitidhaan hojjachuu dhiisuu danda'u. Akka waliigalaatti abbootiin seeraa hojii seeraa isaanii irratti sirni akka isaan amala gaarii qabaatan taasisuu yoo hin jiraanne fallaa kanaan loogduu fi malaamaltoota ta'uu danda'u.[34]

Qajeeltoowwan bu'uuraa heera mootummaa MFDRI keessa inni tokko itti gaafatamummaadha. Heericha keessaa kan taa'an bilisummaa abbootii seeraatin kanneen wal-qabatee tumaatilee baay'een isaanii ittigaafatamummaa of-keessaatti qabatanii jiraachuu isaanii hubachuun

[32] Giddugala leenjii qaamolee haqaa fedeeraalaa: Moojuulii leenjii fuula 34
[33] Itti Fufa
[34] Itti Fufa

barbaachisaadha. Itti gaafatamummaan amala addaa sirna dimookiraasiiti. Qajeeltoon itti gaafatamummaa qaamolee mootummaa sadan irrattis raawwatamuu kan qabu fi kan hojii irra oolchuu qabaniidha. Manneen murtii fi abbootiin seeraa hojii isaanii naamusa gaaridhaan hin hojjanne jiraachuun sirna dimookiraasii fi bulchiinsa gaaritiif gufuu ta'uun alattis waan fayyadu hin qabu.[35]

Aangoon manneen murtii fi abbootiin seeraa qaban aangoo ummataati. Ummatni birmadummaa aangoo isaa gara hojiitti kan ittiin jijjiiru keessaa tokko karaa bakka bu'oota ummataatin. Manneen murtii fi abbootiin seeraa itti gaafatamummaan ummataa kan mirkanaa'u karaa qaama seera baastuutiin.[36] Itoophiyaa keessatti abbootiin seeraa kan muudaman bu'uura sirna federaalaatiin sadarkaa mootummaa federaalaa fi mootummoota naannoleetti yemmuu ta'u sadarkaa fedeeraalaatti mana mare fedeeraalaa bakka bu'uuta ummataatiin yemmuu ta'u naannoleetti immoo mana mare naannoleetiin ta'a.

Kanaafuu manni mare bakka bu'uuta ummataa fedeeraalaa abbootii seeraa mana murtii federaalaa, manni mare naannolee immoo naamusa abbootii seeraa naannoo isaanii ni too'atu, namuusa dhiifama hin argamsiisne yemmuu rawwatan muudama abbootii seeraa ni diiga.[37] Manneen mare kunneen itti fayyadama bajata manneen murtii fi gabaasa sochiilee hojii manneen murtii irratti hundaa'udhaan dhaabbaticha too'achuu ni danda'u.[38]

Abbootiin seeraa akkuma hojjataa mootummaa kamiyyuu fi muudamaa mootummaa, seera cabsanii yoo argaman yakkaan ni himatamu, balleessaan isaanii yoo irratti mirkanaa'ees adabbiin itti kennama. Abbootiin seeraa aangoo isaanii seeraan ala itti fayyadamuu hin qaban; abbootiin seeraa tajaajiltoota ummataati malee tajaajilamtootaa miti.[39] Aangoon abbaa seerummaa isaanii ummata ittiin tajaajiluuf fayyadamuu qabu malee fedhii dhuunfaa isaanitii fi faayadaa mataa isaniitiif qabaachuu akka hin qabne xinnoodhafillee dagachuu hin qaban.[40] Kana dagachuudhaan haqa faayidaalee adda addaatti gurguruu fi jijjiiruun kabaja hojii seeraa kan dhabamsiisan abbootin seeraa hojii irraa dhabamsiisuu qofa osoo hin taane akkaataa seeraatin yakkaan itti gaafatamuu

[35] Giddugala leenjii qaamolee haqaa fedeeraalaa: Moojuulii leenjii fuula 39

[36] Itti Fufa
[37] Itti Fufa
[38] Itti Fufa
[39] Itti Fufa
[40] Itti Fufa

qabu.[41] Kanaan alatti badii jiran ilaalchisee manneen murtii bu'uura adeemsa isaanii irratti hundaa'udhan tarkaanfilee naamusaa fudhachuudhan qajeeltoo naamusa abbootii seeraa mirkaneessutu irraa eegama.

Gaaffii Marii

- Rakkoo naamusa abbootii seeraa isa kami irra caalaa ummatni manneen murtii irratti amanamummaa akka hin qabaanne kan taasisu?maalif?(daqiiqaa 10)

Abbootiin seeraa dhaddachaa irratti hoggansaa fi murtoo kennuun mirgoota namoomaa garee falmitootaa eeguu fi eegsisuu irratti hojii isaan irraa eegamu hojjachuuf itti gaafatamummaa qabu. Haqa walaba, ifaa, madalamaa fi si'ataa kennuuf akka dandeessisuuf naamusa gaarii dhaddachaa fi murtoo kennuu qabaachuu akka qaban wal nama hin gaafachiisu.

Haala kanaan qajeeltoo naamusaa abbootiin seeraa qabaachuu qaban maal maal akka ta'an kana waliin walqabatee dirqamni abbootii seeraas maal maal akka ta'an haala ibsuu danda'uun qophaa'uun kan irraa eegamu yemmuu ta'u abbootiin seeraa sanada qajeeltoo naamusaa fi dirqama isaanii qabu akka argatan taasisuun barbaachisaadha.

Dabalataanis dambii naamusaa abbootii seeraa kana irratti leenjiiwwan qophaa'anii hojiileen hubannaa qabsiisuu hojjatamuu qabu. Inni biraa immoo abbootiin seeraa adeemsa dambii naamusaa bahu irratti kallattiidhaan hirmaattota ta'uu qabu. Haala kanaan dambii naamusaa abbootiin seeraa beekan, kan hubatanii fi kan irratti hirmaatan erga bahee booda dhaddachoota irratti hojii irra oolchuun kan irraa eegamu yemmuu ta'u seeran yoo hojii irra oole manneen murtii amanamummaa ummata irraa dhaban humna deebisuu ni qabaatu.

Abbootiin seeraa hojii irra kan jiru dambii naamusaa fi hoggansa gaarii dhaddachaa irratti badii murtii kennuuf hin mijanne hojjatee yoo argame himannaan naamusaa irratti dhiyaatee , himannaa irratti dhiyaatees ittisuuf carraan kennameefii balleessee yoo argame dambii naamusaa fi himannaa dambii naamusaa bu'uureeffachuun adabbiin itti kennama.

Heera MFDRI keessatti qajeeltoowwan bu'uuraa taa'an keessaa ittigaafatamummaa yemmuu ta'u kana mirkaneessuuf seerota ibsaman keessaa tokko sirni naamusaati. Kana ta'uufis heera mootummaa keeyyata 79(4) fi 81(6) tumaatilee jiran ilaaluun gahaadha. Heerri mootummaa

[41] Itti Fufa

qajeeltoo bilisummaa abbootii seeraa bifa wal-simateen abbootii seeraa irratti tarkaanfii naamusaa fudhachuudhaaf aangoo kan qabu yaa'ii bulchiinsa abbootii seeraa akka ta'e ifaan kaa'ee jira.

Akkaataa Dambiin naamusaa fi himannaan disipiliinii abbootii seeraa federaalaa dambii seeraa lakk.1/2013 tin qajeeltoowwan naamusaa fi balleessaa disipiliinii bal'inaan hammatee qabatee jira. Dambichis, dhugummaa, amanamummaa, iftoomina, gaarummaa, tajaajilummaa ummataa, walabummaa, seera kabajuu fi qajeeltoowwan naamusaa kan biro kan kaa'e yemmuu ta'u abbootiin seeraa kan isaan taasisuu qabanii fi hin qabne qajeeltoo naamusaa ifaan lafa kaa'ee jira. Qajeeltoowwaan kunneen abbootii seeraa hundaan kabajamuu fi hojii irra ooluu qabu.

Manneen murtii fi abbootiin seeraa akka waliigalaatti amanamummaa hawaasaa fi mootummaa argamsiisuu kan danda'an abbootiin seeraa dhaddacha irrattii fi yeroo murtoo kennan, akkasumas akka abbaa murtii gaarii fakkeenyummaa ummataa kan ta'an qajeeltoo naamusaa kana eeganii yoo argamaniidha.

Kun bakka hin taanetti manneen murtii hoji-maataa mataa isaanii hordofuudhaan tarkaanfii naamusaa fudhachuutu irraa eegama. Kana irra kan caalu yoo uumames abbaan murtii hojii irraa akka dhoorkamu fi yakkaan akka itti gaafatamuu taasisuutu irraa eegama. Yoo kun hin taane hawaasni manneen murtii irratti amantaa dhabuun dabalaa deemuun miidhaan diigumsaa irra gahuu danda'a. Malaammaltummaan babal'achuu fi too'annaan ala ba'uuns manneen murtii akka diigamaniif sababa ta'uu danda'a.

Sababii kanaatiin heera MFDRI irratti kutaa waa'ee itti gaafatamummaa ilaalameen dhiimmi naamusaa bulchiinsa abbootii seeraatiin akka ilaalamu tumuun, manneen murtitis dambii[42] naamusaa fi dambii himannaa disipiliinii bahuun isaanii yemmuu ilaalaman hammatamummaa seeraatiin rakkoo guddaan ni jira jedhuufis kan nama hin onnachiisne yoota'elle hanqinaalee naamusaa manneen murtii yemmuu ilaallu dhimma kanaan abbootii seeraa adabbiin irratti fudhatame lakkoofsaan muraasaa fi barsiisummaan isaas gadi aanaa waan ta'eef manneen murtii amanamummaa hawaasa irraa argachuu qaban argatan jechuun hin danda'amu.

[42] Danbii himata naamusaa fi dispiliinii abbootii seeraa federaalaa lakk 1/bara 2013

Gaaffii Marii

- Bilisummaa abbootii seeraa kan mirkaneessan abbootiin seeraa hojii isaanii bilisummaan yoo hojjataniidha qajeeltoon jedhu osoo jiruu abbootiin seeraa itti gaafatamuu qabu jedhamuun isaanii sirrii ta'uu fi ta’uu dhabuu isaa tokko tokkoon ibsaa.

BOQONNQQ SADII

Faayidaalee Sagantaalee Fooya'iinsa fi Gochaalee Manneen Murtii Ummatatti Beeksisuu

Kutaan maanuwaalii leenjii kanaa irra caalaa barbaachisummaa sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii ummatatti beeksiisu irra darbee gochi wal-jijjiirraa odeeffannoo bu'aa inni qabu ni ibsu

Leenjifamtootni leenjii kana erga sirriitti hordofanii booda

- sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii ummatatti beeksiisun kan barbaachisu ta'uu isaa ni hubata/tti
- Manneen murtii gochaalee wal-jijjiirraa odeeffannoo yemmuu adeemsisan faayidaa isaan argatan ni hubata/tti.

Haalli qabatama addunyaa si'anaa wantoota baay'eedhaan ibsamuu kan dandeessu yemmuu ta'u kanneen keessaa addunyaan gara mandara tokkootti jijjiramaa dhufte yaadni jedhu yaada moo'ataa ta'ee bahaa argama. Bu'uuraan addunyaan gara manadara/ganda tokkootti jijjiramte yemmuu jedhamu irra caalaa walitti hidhamiinsaa fi tamsa'inni odeeffaannoon iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti haala saffisa qabuun daddarbaa argama yaada jedhu kan of-keessatti hammateedha. Addunyaa haala kanaan jijjiramte keessatti qaamolee mootummaan qabuun hojii hojjatanii fi haalota isaan qunname keessattuu qaamolee qooda-fudhattootaa akkasumas,akka barbaachisummaa isaatti ummata hundaaf ibsuu fi odeeffannoo biraan gahuuf ni dirqama. Kana irraa ka'uudhaan sab-qunnamtiin ummataa akka qaama mootummaa 4^{ffaa} ta'ee akka lakka'amuuf yaanni ture dhugaa akka ta'uuf dandeessisee jira.

Bara addunyaan amma keessa jirtu bara wal-jijjiirraa odeeffannoo kana keessatti dhaabbileen hojii isaanii osoo ummatatti hin beeksisne maqaa fi miira gaarii ijaaruu ni danda'u jedhanii yaaduun hin danda'amu. Haaluma kanaan qaamni seerummaas kan adda ta'ee miti.

Akkuma beekkamu sirni fedeeraalaa Itoophiyaa keessaa jiru qaamolee mootummaa sadi kan qabu yemmuu ta'u isaanis: seera baastuu, seera raawwachiistuu fi seera hiiktudha.qaamolee mootummaa sadan kana keessaa birqabiidhaan qaamni seera baastuu fi seera raawwachiistu haala fooya'aa ta'een ummatatti kan of-beeksisan yemmuu ta'u qaama seera hiiktuu kan ta'e qaamni

seeraa garuu waggoota baay'eedhaaf ummata biratti sirriitti kan hin beekkamne, akkasums ilaalcha dogoggora ummataa keessumeessaa turee jira.[43]

3.1. Barbaachisummaa Wal-Jijjiirraa Odeeffannoo

Yeroo addunyaan bara wal-jijjiirraa odeeffannoo kana keessa jirtu kanatti dhaabbileen tajaajila kennan qaamolee qooda-fudhattootaa fi ummata hundaatti beeksisuu dirqama kallattii fi al-kallattii kan irratti kufe yemmuu ta'u, kallattii kanaan manneen murtii kan isaan taasisan sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee qaamolee qooda-fudhattootaa fi hawaasatti beeksisuutu irraa eegama. Kana osoo hin taasifne akkuma duraanii ofii isaanii cufaa yoo taasisan kan isaan buufatan irra dhiibbaa isaan irra gahutu caala. Manneen murtii sagantaalee fooya'insaa fi goochaalee isaan raawwatan hawaasaf haala sirrii ta'een wal-jijjiirraa odeeffannoo osoo godhanii hawaasni kabaachiisa mirgaa fi raawwii dirqamaa iddoo sirriidha jedhee fudhachuu danda'a. kutaan hawaasa baay'ee manneen murtii ittigaafatamummaa haqaa seeraan ni bahu amataa jedhu keessatti uuma, kuni immoo fudhatama manneen murtii ol-kaasa. kennuu

3.2. Amanamummaa Mana Murtii Deebisiisuu

Manneen murtii Itoophiyaa keessatti baroota baay'eedhaaf jiddu galummaa qaama mootummaa seera raawwachiistuutiin tajaajila seerummaa kennuu abbootii seeraa irratti gufuu kan ta'an seeronni jiraachuu, dabalamuu dhimmichaa waliin wal qabatee tajaajila kana ariitii fi qulqulinaan raawwachuu kan danda'an; lakkoofsi fi dandeettiin abbootii seeraa, gargaartota abbootii seeraa fi hojjattoota deeggarsa kennan xiqqaachuu, akkasumas rakkooleen biroo ida'amanii hawaasni manneen murtii irratti amantaa qaban akka hir'atu taasifamaa turee jira. Amantaa dhabuu ummataa kana fooyyessuuf yeroo adda addaatti sagantaaleen fooya'iinsaa adda adda kan qopheefatan yemmuu ta'u , sadarkaan isaanii gar-gar yoo ta'ellee gochaaleen fooya'iinsaa raawwatamanii jiru, raawwatamaas jiru.

Manneen murtii sagantaalee fooya'iinsaa baasanii gara hojiitti seenuun isaanii akka heera mootummaatti aangoon seera hiikuu seeraan akka raawwataman isaan gargaara. Seeraa fi ragaa qofa bu;uura godhachuudhaan murtii kennuuf isaan gargaara, hojii isaaniillee seeraan, bilisummaa fi walabummaadhaan akka hojjatan isaan taasisa. Kun immoo diinagdee, hawaasummaa fi guddina

[43] Qajeelfamma raawwii sab-qunnamtii fi waljijjiirraa odeeffannoo ummataa abbootii aangoo manneen murtii fi abbootii alanagaa waliigaltee 31ffaa muddee 3 fi 4 bara 2018 Tiraansbargii

siyaasaa biyyaaf gahee hangana hin jedhamne akka isaan taphatan taasisa. Haata'u malee manneen murtii armaan olitti kan eeraman sagantaalee fooya'iinsa haqaa baasuu fi hanga danda'ameen hojii irra oolchuun ummatni manneen murtii irraa amantaa dhabe ni deebisiisa jechuuu miti. Kana irra ummanni dhugumaan manneen murtii gochaalee fooya'iinsaa raawwachuu irra akka jiran odeeffannoon isaan gahuu qaba. Hawaasa bira kan gahu odeeffannoon mana murtii bilisummaa fi walabummaa abbootii seeraa haala hin dhiibneen kan taasifamu wal-jijjirraan odeeffannoo haala jiruu fi jireenya fi xiin-sammuu ummataa waliin kan wal-gitu yeroo ta'etti, akkasumas wal-jijjiirraan odeffannoo taasifamu fooya'iinsa manneen murtii qabatamaan jiru waliin kan wal-simu yemmuu ta'u hawaasni yeroodhaa gara yerootti manneen murtii irratti amantaa dhabaa ture dhiisaa deemudhaan lammiileen manneen murtii fi namoonni biyyatti keessatti argaman mirga dhumaa isaanii bakka itti mirkaneefatan jedhanii fudhatu. Kana waan ta'eef manneen murtii fooya'iinsi isaan raawwatan hawaasaaf akka beeksifaman taasisuun ummatni manneen murtii irratti amantaa dhabe suuta suutaan deebisuun akka dandeessisuf kan gargaaru meeshaa sirriidha jennee murteessuu ni dandeenya.

Haala armaan olitti ibsameen manneen murtii Itoophiyaa keessattuu manneen murtii feederaalaa haala keessa jiran yemmuu gamagamnu bara 2003-2010 A.L.Itti kan tumame manneen murtii porojektii hirmaannaa hawaasaa guddisuu kan ture yemmuu ta'u, bu'uura porojektii kanaatiin qaamolee haqaa biraa waaliin ta'uun "torbee haqaa" kabajuudhaan hojii mana murtii hawaasatti beeksisuuf yaalamee jira. Sagantaalee Raadiyoo fi teelevizyiinii irratti ogeeyyiin manneen murtii dhiyaachuudhaan gaaffilee ummata biraa ka'aniif deebii fi ibsa kennaa wal-jijjiirraan odeeffannoo taasifamee jira. Akkasumas, hawaasni kaadhimatoota abbootii seeraa irratti yaada akka kennan taasifamaa turee jira.[44]

Hojiileen kunneenis gara hojii dhaabbataatti jijjiramuun raawwatamaa jiraachuun isaanii kan jajabeeffamullee yoo ta'e walatajjiin hawaasni hirmaannaa irratti taasisu muraasa waan ta'aniif bu'aan gammachiisaan hin dhufne.[45] Bara 2010 A.L.I. booda hojiileen fooya'iinsa manneen murtii adeemsa wal-jijjiirraa odeeffannoo yemmuu ilaallu hooggansi jijjiramaa haaraa ta'uu irraa ka'uudhaan hawaasa mana murtii keessaa waliin mariin adda addaa kan taasifaman yemmuu ta'u,

[44] Giddugala leenjii qorannoo haqaa fi seeraa federaalaa,qorannoo haabuuraa saganataa fooya'iinsa haqaa dhabbilee federaalaa adda baasuuf taasifae, bara 2011, fuula 35
[45] Itti Fufa

mariin kanneenis ummatatti beeksisuuf yaalamee jira. Dabalataanis manneen murtii keessatti haalonni fi gochaaleen taasifamaa jiran, akkasumas raawwii isaa karaalee ibsa gaazexaatiin, af-gaafiidhaan, gabaasaan, miidiyaalee hawaasaa fi sab-qunnamtii ummataa fayyadamuun hojiin hawaasa biraan gahuu hojjatamee jira. Inni kunis amanamummaa manneen murtii ummata biraa dhaban deebisiisuuf gaheen isaa ol'aanadha.

Gaaffilee Marii

- Sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee jijjiramaa manneen murtii hawaasatti beeksisuun bu'a qabeessa kan ta'u maal maaltu yoo guutameefi? Tarreessudhaan hubachiisi
- Sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee jijjiramaa manneen murtii hawaasatti beeksisuun manneen murtii irratti dhiibbaa hin malle ni fida yoo ta'e tokko tokkoon hubachiisi.

3.3. Faayidaa Manneen Murtii Kabachiisuu

Sagantaaleen fooya'iinsa fi gochaaleen haqaa haala gahaa ta'een wal-jijjiirraa odeeffannoo taasisuun ummatatti beeksisuun manneen murtiitiif faayidaalee heddu kan qaban yemmuu ta'u faayidaalee isaanii keessaa; qaamoleen mootummaa biraa irra kan kabajamee fi aangoodhaan kan sirrate dhaabbata mana murtii ijaaruu dandeessisa. Gargaarsaa fi deeggarsa Hawaasaa fi qaamolee qooda-fudhattootaa argachuun abbootiin seeraa fi hojjattootni manneen murtii biroon hanqina bakka hojii mijataa ta'e dhabuu, mindaa fi faayidaaleen adda addaa kabajamuu hafuu, keessattu giddu galummaa qaama raawwachiistuu hambisuu fi ittisuun akka danda'amuuf carraa gaarii uuma. Dabalataan, rakkoolee armaan olitti eeramanii fi sagantaalee fooya'iinsa manneen murtiif akka galteetti kan tajaajilan guuttachuun akka danda'amuuf manneen murtii qaama seera baasutti kan dhiyaatu gaaffilee bajataa fi kanneen biroo haala salphaa ta'een akka mirkaneessaniif ni gargaara.

Gochaalee fooya'iinsa manneen murtii ummatatti beeksisuun faayidaa inni qabu kan biraa immoo bilisummaa fi miira haala itti fufiinsa fi bu'uura dhaabbatummaa bifa qabaatuun eegsisuu danda'uudha. Yeroo baay'ee qaama seera raawwachiistuu kanneen ta'an abbootiin siyaasaa fi hoggantootni hojii bilisummaa mana murtii haala dhiibuu danda'uun dhimma tokko irratti ykn dhaabbata manneen murtii waliigalaa irratti yaada sirrii hin taane yemmuu kennan irraa beeksisa.[46]

[46] Qajeelfamma raawwii sab-qunnamtii fi waljijjiirraa odeeffannoo ummataa abbootii aangoo manneen murtii fi abbootii alanagaa waliigaltee 31ffaa muddee 3 fi 4 bara 2018 Tiraansbargii

Yaadni isaan kennanii fi ibsi sirrii hin taane ummata bira yemmuu gahutti sab-qunnamttiin ummataa akka dhiyeessan yemmuu taasifaman amanamummaan manneen murtii ummata biratti qabu dhabamaa deema. Haalli akkasii yeroo nama mudate wal-jijjiirraa odeeffannoo gaarii fi hojii ummatatti aadaa beeksisuu manni murtii qabu aanga'oota qaama raawwachiistuu fi abbootii siyaasaa birootiin kan dubbatame fi odeeffannoon dhiyaate gama seeraatiin, hojimaataa fi kkf bu'uura kan hin qabne ta'uu isaa ummatatti ifa taasisuudhaan manneen murtii irratti marsee kan ture bilisummaa fi miira manneen murtii diiguu haalicha jijjirruf humna ni qabaata.

Kanaan kan wal-qabate hanga bara 2010 A.L.I kan jiru wal-jijjiirraan odeeffannoo manneen murtii hojiin ummatatti beeksisuu haala gadi aanaa irratti kan argamu yemmuu ta'u bara 2010 A.L.I. booda dhimmoota tokkoo tokkoo isaanii irratti abbootiin siyaasaa hojii mana murtii kan ilaallatu yaada hin taane yemmuu kennan mana karaa murtii waliigala fedeeraalaa daayireekitooreetii qunnamtii ummataatiin sirreeffama barbaachisaa ta'e akka kennuuf wal-jijjiirraan odeeffannoo fi ummata bira akka gahuuf gochi taasifamaa akka jiru ni mul'ata.

Heera mootummaa fi seerota biroo irratti haala taa'een qaamni mootummaa harki 1/3 argamuu qofa osoo hin taane dhaabbii gochaanis ibsaman akka qabaataniif hojii qunnamtii ummataa hojjachuun barbaachisaa ta'uu isaa amanuudhan manneen murtii federaalaa kallattiidhaan kan irratti hirmaatan hojiin gorsaa fi beeksisuu hojjatamuu eegalanii jiru. Fooya'iinsi kunneen bilisummaa fi faayidaalee manneen murtii eegsisuu keessatti bu'aan isaani qaban haala salphaatin kan ilaalaman waan hin taaneef jajjabeeffamuu qabu.

BOQONNAA AFUR

Sagantaalee Fooya'iinsa Manneen Murtii Beeksiisuu fi Gahee Qaamolee Qooda-Fudhattootaa

Sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii beeksiisuun, bara ammaa kana keessatti barbaachisummaan isaa kan wal-nama hin gaafachiisne yoo jedhame dogogora hin qabu. Wal-jijjirraa odeeffannoo kana ilaalchisee, gochaalee manneen murtii kophaa isaaniitti bahuu hin dandeenye ta'uu isaa fi qaamoleen qooda fudhattoota adda addaa dhimma kana irratti boba'uu qabu. Haala kanaan qaamoleen qooda fudhattootaa gahee akkamii taphachuu akka qaban waliin ilaaluuf yaalla.

- Leenjifamtoonni kutaa kana xiyyeeffannoon erga hordofanii booda:
  - Sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii hawaasaatti beeksiisuu irratti gaheen dhaabbilee hawaasa siviilii maal akka ta'e beekuuf gargaara
  - Faayidaalee dhaabbileen sab-qunnamtii ummataa qaban ni tarreessu, dhiibaa isaan geessisanis ni xiinxalu
  - Fooya'iinsa gochaalee manneen murtii ummata bira akka gahan taasisuuf hojiiwwan hohjjatamuu qaban ni hubatu

4.1. Gahee Dhaabbilee Hawaasa Siiviikii

Sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii beeksisuun hojiilee manneen murtii qofa jedhanii fudhachuu keessatti jijjirama barbaachisaa ta'e fiduun akka hin danda'amne beekuun barbaachisaadha. Gochi odeeffannoo wal-jijjiruu fi qunnamtii ummataa gahee qaama tokkoo qofa osoo hin taane amala isaatiin hirmaannaa qooda-fudhattoota baay'ee kan barbaadu gocha bal'aa fi wal-xaxaa ta'eedha.

Sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii qaamolee qooda-fudhattootaa fi hawaasa bal'aa dhaqqabsiisuuf duraan duursa sagantaalee manneen murtii beeksisuun ni barbaachisamoo hin barbaachisu yaada jedhu irraa eegaluun sab-qunnamtii ummataa fi gochi beeksisuu akka hojjataman jedhaman amala manneen murtii tilmaama keessa galchuun bilisummaa fi walabummaa manneen murtii gama tokkoon qajeeltoowwan itti gaafatamummaa fi iftoominaa gama biraatiin immoo haala madaalamaa ta'een akka hojjatamuuf tooftaalee fi tarsiimoowwan baafachuun barbaachisaadha. Gochaaleen kunneen immoo manneen murtii kophaa isaaniitti

hojjachuu irra itti gaafatamummaa fi qajeelchummaa manneen murtiitiin qaamoleen qooda-fudhattoota biroo akka hirmaatan taasisuun yoo hojjatame faayidaan isaa ol'aanaa ta'a.

Gochaaleen sagantaalee fooya'iinsa manneen murtii bu'aa barbaachisaa fiduu akka danda'an kanneen taasisan keessaa tokko hojii qunnamtii hawaasaa yemmuu ta'u hojiin abbaa murtummaa garuu guyyaa tokkotti kan raawwatamu osoo hin taane qaamolee qooda-fudhattootaa fi hawaasa bal'aa wajjin marii walitti fufaa taasisuu fi waltajjii qunnamtii hawaasaa qopheessuu gaafata. Akkuma beekkamu dhaabbileen hwaasa siiviilii hojiillee adda addaa fi kenniinsa tajaajila adda addaa irratti ofii isaanii gurmeessuun kan dhaabbatan yemmuu ta'u kanneen keessaa ilaalcha hawaasa bal'aa ol-guddisuuf hojii barsiisummaa irratti kanneen bobba'anis keessatti argamu.

Manneen murtii keessattuu dhaabbilee hawaasa siivikii mirgoota namoomaa, ol'aantummaa seeraa, diimokiraasii fi dhimmoota kanneeniin wal-qabatan irratti bobba'an waliin hariiroo taasisan irratti qunnamtiin hawaasaa fi odeeffannoo wal-jijjiiruun bilisummaa manneen murtii haala eegeen carraan waliin hojjachuu bal'aadha.

Haala kanaan dhaabbileen hawaasa siiviilii kutaan hawaasaa isaan bakka bu'an waan jiruuf mana murtiitti akka qaamolee qooda-fudhattootaatti kan ilaalaman yemmuu ta'u ; gama biraatiin sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii hawaasa bal'aatti beeksisuu irratti akka gocha taasisaniin akka deeggartootaatti ilaalamu.

Leenjii adda addaa qopheessuun, qorannoo adda addaa qopheessuudhaan, hojiilee qunnamtii ummataatiif wantoota barbaachisan walitti qabuun gahee guddaa tapahatu. Sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii hawaasaatti akka beeksifaman goochuun alatti qaamolee mootummaa biroo biraa jiddu galummaa fi hacuuccaa hin malle ittisuu irratti, keessattuu dhaabbilee ogummaa fi hojiin isaanii seera waliin kan wal-qabatu dhaabbilee hawaasa siiviilii waltajjii hawaasaa argatanitti fayyadamuun gahee isaanii bahuu danda'u. rakkoolee bulchiinsa gaarii manneen murtii keessatti argaman ogeessota ol'aanoo qabaniin hawaasa hirmaachisuu fi qorannoo barbaachisaa ta'e gaggeessuun, bu'aa qorannoo isaaniis manneen murtii fi qaamolee qooda-fudhattootaatti dhiyeessuun tarkaanfileen fudhatamuu qaban yeroon akka fudhataman taasisuu keessatti faayidaan isaan qaban ol'aanadha. fayyadamuun

Dhaabbileen hawaasa siiviikii manneen murtii gara biiroo qunnamtii ummataa mataa isaanitiin gochaaleen odeeffannoo wal-jijjiirraa yaadaanis ta'ee qabeenya walitti qabuun gargaartota waan

ta'aniif sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii ilaalchisee akka qaama qooda fudhataa keessootti ilaalamu qabu. Haaluma kanaan keessattuu A.L.I. bara 2010 booda manneen murtii biyya keenyaa sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee jiran hawaasatti akka beeksisamu taasisuuf dhaabbilee hawaasa siiviilii waliin hojjatamaa akka jiru raawwii gabaasa waggaa manneen murtii A.L.I bara 2011, 2012 fi 2013 dhiyaatan irraa hubachuun ni danda'ama. Inni kunis dhimma cimee itti fufuu qabuudha.

4.2. Gahee Sab-Qunnamtii Ummataa

Kanaan dura manneen murtii ofii isaanii hawaasatti of-ibsuun wal-jijjiirraa odeeffannoo taasisuuf qophii kan hin qabne yemmuu ta'an; kunis kan ta'eef ummatni manneen murtii irraa tajaajjilli odeeffannoo wal-jijjiiruu taasifamees dhiisees kophaa isaaniitti tajaajila kan kennan manneen murtiiti jedhamee waan amanamuuf, abbootiin seeraa fi hojjattootni biroo hojii irra turuuf dirqama ummataan filatamuun kan irraa hin eegmane waan ta'eef, akkasumas manneen murtii fi abbootiin seeraa kan isaan irraa eegamu seericha haala wal-qixa ta'ee fi haqa qabeessa ta'een hiikuun garaagarummaa tokko malee murtoo kennuu malee gochaalee fooya'insaa fi hojii hojjatan ummatatti beeksisuu miti amantaa jedhu waan qabaniif.[47] Kana irraa ka'uudhaan manneen murtii qaamolee mootummaa biroo waliin yemmuu ilaalaman sab-qunnamtii ummataatiif ofii isaanii cufaa taasisanii turanii jiru.

Haata'u malee haala qabatamaa addunyaa si'anaatiin manneen murtii gochaalee fooya'insaa fi murtoowwan isaan kennan ummata biratti amanamummaan akka ilaalamaniif dirqamaan sab-qunnamtii ummataa waliin hojjachuu fi ummata waliin odeeffannoo barbaachisaa ta'an wal-jijjiiruutu irraa eegama. Kana irraa ka'uudhaan yeroo ammaa kana ilaalchi moo'ee bahe sab-qunnamtiin ummataa deeggartoota manneen murtiiti malee faallaa isaanii miti yaada jedhuudha.

Sab-qunnamtiin ummataa gochaalee manneen murtii fi sagantaalee fooya'insaa kutaa hawaasa bal'aa biratti akka beekkaman taasisuuf dhaabbileen gahee wal-jijjirraa odeeffannoo bahan ta'uu isaanii irraa kan ka'e manneen murtii faayidaa sab-qunnamtii ummataa kanneenii argachuuf

[47] Qajeelfamma raawwii sab-qunnamtii fi waljijjiirraa odeeffannoo ummataa abbootii aangoo manneen murtii fi abbootii alanagaa waliigaltee 31ffaa muddee 3 fi 4 bara 2018 Tiraansbargii

gaazexeessitootaa fi sab-qunnamtii ummataa waliin walitti dhufeenya qajeeltoo irratti hundaa'ee qabaachuu qabu.

Sab-qunnamtiin ummataa sagantaalee fooya'insaa fi gochaalee manneen murtii ummatatti beeksisuun alatti hanqinaalee manneen murtii keessatti mul'atan, gochaalee amantummaa ummataa kaneen hir'isanii fi bilisummaa manneen murtii bifa hin hin gufachiisneen hojii iftoominaa raawwachuun bulchiinsi gaarii fi sirni diimookiraasii dagaagsuu keessatti gahee ol'aanaa taphatu.

4.3. Wal-Jijjiiruu Odeeffannoo fi Gaheee Manneen Murtii

Saganataalee fooy'iinsaa baasanii fi gochaalee isaanii ilaachisee ummata waliin wal-jijjiirraa odeeffannoo taasisuu irratti manneen murtii gahee guddaa taphachuu qofa osoo hin taane itti gaafatamaa dhimmichaa ta'uudhaan gahee hooggansaa bahuu qabu. Manneen murtii waa'ee hojiilee gaggaarii dhaabbata isaanii fi karoora gara fuul-duraa meeshaalee sab-qunnamtii ummataatti fayyadamuun hawaasa beeksiisuu qabu. Manneen murtii fooya'iinsaa fi saganataalee isaanii hawaasaaf odeeffannoo kennuun of-beeksisuu keessattu dhimmoota gamoo mana murtichaa fi bu'uuraalee misoomaa, human namaa fi baajata, adeema galmee fi bulchiinsaa, haala muudama abbootii seeraa, bilisummaa fi walabummaa manneen murtii fi kkf irratti jijjiramoota dhufan haala seera qabeessa ta'een ummata beeksissun caasaalee isaanii fi qaamolee qooda-fudhattootaa waliin gahee isaanii bahuutu irraa eegama.

Wal-jijjiirraa odeeffannoo waliigalaa sagantaalee fooya'iinsaa fi goochaalee manneen murtiitti dabalataan dhimmoota tokko tokko irratti qaamoolee biroo waliin odeeffannoo ummata bira gahan irratti hundaa'udhaan wantootni sirraa'uu qaban yoo jiraatan akka sirraa'an, haala qabiinsa galmee fi dhimmoota waliqabatan irratti dogogorri akka hin uumamnee fi bilisummaa fi walabummaan manneen murtii gaaffii keessa akka hin galleef jecha ummataaf odeeffannoo sirrii kennuun manneen murtii maqaa gaarii akka horatanniif eeguun ni danda'ama. Dhimma ka'e irratti sagantaalee fooya'anii fi gochaalee jiran hawaasa hunda biraan gahuun ni danda'ama.

Dhaabbileen sab-qunnamtii ummataaf odeeffanoo kennuu keessatti ergama isaanii yemmuu bahamitti hanqinaalee isaan qaban irraa kan ka'e mana murtii keessatti himatamaa ta'ee namni dhiyaate qulqulluudha jedhanii yaaduu dhiisuudhaan yeroo mirga isaa miidhan, akkasumas abbootii murtii dhimmicha hordofaa jiran irratti qaamolee mootummaa biraa ykn qaama sadaffaa

biraa jiddu galummaa hin barbaachisne yeroo isaan qunnamu bilisummaa mana murtii eegsisna jechuun hawaasa waliin odeeffannoo wal-jijjiiruun dhiibbaa dhufu dhaabsisuu ykn hir'isuun ni danda'ama.

Rakkoon wal-jijjiirraa odeeffannoo sababoota adda addaatiin kan uumamuu danda'u yemmuu ta'u fooya'iinsa manneen murtiitiin walqabatees miidiyaaleen adda addaa suuuraa hin taanee fi dogogora qabu manneen murtii irratti akka maxxansamuu fi yemmuu odeeffannoo gadi lakkisan, ummanni manneen murtii diiguu fiballeessuu irratti yemmuu ka'u, ummanni abbootii seeraa irratti dhimmoota miidhaa geessisuu danda'an keessatti hirmaachuuf yeroo kaka'umsa agarsiisu, dhimmoota mirkanaa'anii fi beekkaman irratti aanago'oota manneen murtiitin yemmuu gaggeeffamu,maqaa gaarii mana murtii kan xureessu gaazexeessitootaan kanneen raawwataman akka fakkeenyaatti kaa'uun ni danda'ama.

Yeroo dhimmi akkasii uumamu manneen murtii tooftaalee wal-jijjiirraa odeeffannoo fudhatama qabanitti fayyadamuun rakkoolee yeroo isaan mudate fi yaada furmaataa taasifame hawaasatti ibsuudhaan hawaasni odeeffannoo sirrii ta'e akka qabaatu,hawaasa bal'aa biratti wantootni ta'uu qabanii fi hin qabne akka beekaniif odeeffannoo barbaachisaa ta'e biraan gahuun dhaabbatummaa mana murtii fi bilisummaa nama dhuunfaa eeguuf, odeeffannoo amanamummaa mana murtii deebisuu danda'an raawwachuun manneen murtii gaheewwan ijoo akkasii ni taphatu.[48]

Gaaffilee Marii

- Mata duree kana jalatti kana jalatti qaamolee qooda fudhattootaan alatti sagantaalee fooya'iinsa mana murtii deeggaruu keessatti qaamoleen qooda fudhattootaa kan biraa yoo jiraatan eenyu fa'i akka ta'an tarreessii ibsi. Gahee isaanis tarreessuun hubachiisi?

[48] Marii bu'aa barreeffamoota fi suur-sagalee daayirookireetii qunnamtii ummataa mana murtii federaalaa irraa kan fudhatame

BOQONNAA SHAN

Fooya'iinsa Manneen Murtii Irratti Rakkoolee Wal-jijjiirraa Odeeffannoo Itoophiyaa Keessatti

Gama qaama seera baaftuu fi raawwachistuutiin yemmuu ilaalamu manneen murtii yeroo yeroodhaan saganataalee fooya'iinsaa isaan bocan, porojektiiwwan fi gochaalee isaan raawwatan hawaasa biratti beekkamtii akka argatan taasisuuf gochaaleen odeeffannoo wal-jijjiruu irratti hojjataman baay'ee muraasa. Kanaafis akka fakkeenyaatti eeramuu kanneen danda'an baay'ee yemmuu ta'an leenjifamtoonni kutaa leenjii maanuwaalii kanaa yemmuu xumuran:-

- Odeeffannoo wal-jijjiirraa manneen murtii irratti wantootni dhiibbaa fidan mal mal akka ta'an ni hubatu.
- Kutaan qunnamtii ummataa mana murtii cimuu dhabuun akkamitti rakkoo wal-jijjiirraa odeeffannoo ta'uu akka danda'u ni tarreessu.
- Ogeessonni qunnamtii ummataa mana murtii beekumsa seeraa dhabuu irraa kan ka'e wal-jijjiirraa odeeffannoo irratti dhiibbaa inni qabu ni hubatu
- Manneen murtii fi abbootii seeraa biratti sab-qunnamtiin ummataa bilisummaa manneen murtii ni dhiibu yaanni jedhu jiraachuun isaa wal-jijjiirraa odeeffannoo irratti dhiibbaa inni qabu ni ibsu
- Manneen murtii, dhaabbileen sab-qunnamtii ummataa fi qaamoleen qooda fudhattootaa biraa waltajjii uumamuun isaa wal-jijjiirraan odeeffannoo bu'a qabeessa akka ta'uuf faayidaa isaa ni hubatu.
- Dhaabbileen sab-qunnamtii ummataa fooya'iinsa manneen murtii gabaasuuf maaliif fedhii akka dhaban ni hubatu
- Dhaabbilee sab-qunnamtii ummataa keessa gaazexeessitootni hojjatan beekkumsa seeraa dhabuu isaanii irraa kan ka'e wal-jijjiirraa odeeffannoo irratti gufuu ta'uu akka danda'an sirriitti ni ibsu.

5.1. Manneen Murtii Keessatti Kutaan Qunnamtii Ummataa Cimaa Ta'e Dhabamuu

Itoophiyaa keessatti fooya'iinsaa fi goochaalee isaan taasisan qunnamtii ummataa mataa isaanitiin hawaasa biraan gahuu irratti muxannoon isaan qaban baayee gadi aanaadha. Kana ta'uu dhabuun

rakkoolee dacha baay'ee ta'anii fi sababoonni baay'een kan jiran yemmuu ta'u hanqinaalee kanneen keessaa tokko daayreektooreetii qunnamtii ummataa cimaa ta'e dhabamuu isaati jennee fudhachuu dandeenya. Haalota manneen murtii federaalaa yemmuu ilaallu baroota baay'eedhaaf kutaan qunnamtii ummataa daayreektooreetii qabaatee hojii isaa abbummaadhaan hojjachuudhaaf humana namaa barbaachisaa ta'e guuttachuun hojii bu'a qabeessa ta'e hojjachuu hin dandeenye.

Hojichis hojjatamaa kan ture hojii biraa irratti dabalataan ture. Baroota dhiyoo asitti hojiin qunnamtii ummataa manneen murtii kanneen hojjatan kutaaleen xixinnoon kan dhaabbatan yemmuu ta'u adda durummaan hojjachaa kan turan barruulee manneen murtii qopheessuu fi kutaalee hojii adda addaatti geessuu, galmeewwan beellamaa maxxansiisee abbootii seeraatif kennuu fi hojiilee xixinnoo kkf hojjachuu ture.[49]

Keessattuu A.L.I. bara 2010 booda manneen murtii federaalaa daayreektooreetii qunnamtii ummataa masariitii mana murtii irratti, teeleegiraamii irratti, fuula feesbookii fi karaa miidiyaalee sab-qunnamatii ummataatiin odeeffannoo haala fooyya'aa ta'een tamsaasuuf sochii qophii taasisaa jiru. Haata'u malee, manneen murtii irratti ummanni amantaa dhabaa deemuu isaa deebisuu akka danda'amu irratti ragaalee fooya'iinsa manneen murtii qabatn haala seera qabeessa ta'een darbee jira jedhanii murteessuun rakkisaadha. Daayreektooreetii qunnamtii ummataa manneen murtii federaalaatiin hundeeffaman hojjatoota 10 hin caalle kan of jalatti qabu waan ta'eef hojii kana haala aariitii qabuun raawwachuun bu'aa barbaadame ni fidu jedhanii yaaduun rakkisaadha.[50]

Dabalataanis daayreektooreetiin qunnamtii ummataa mana murtii federaalaa mana murtii federaalaa ol'aanaa fi mana murtii federaalaa sadarkaa 1ffaa hojjattoota qunnamtii ummataa fi kutaalee adda addaa waliin wal dubbisuun, gurmaa'uu fi sirna hojii waliin qopheessuun fooya'iinsa gochaalee manneen murtii ummatatti beeksisuu irratti rakkooleen jiraachuun isaanii cimina qunnamtii ummataa dhaabbatichaa gaaffii keessa kan galchu ta'a.

5.2. Hubannoo Seeraa Dhabuu Ogeessota Qunnamtii Ummataa

Hojiin qunnamtii ummataa callisamee kan raawwatamu osoo hin taane saayinsii mataa isaa kan qabu odeeffannoo hawaasa hundaan ykn kutaa hawaasaa muraasaaf karaa ittiin gahu, haallii fi

[49] Marii bu'aa barreeffamoota fi suur-sagalee daayirookireetii qunnamtii ummataa mana murtii federaalaa irraa kan fudhatame
[50] Itti Fufa

tarsiimoon isaa maal fakkaachuu akka qabu kan ibsuu fi akkaataa hojii irra oolmaa isaa irratti ogummaa fi beekkumsa mataa isaa kan barbaadudha. Kanaaf jecha hojii qunnamtii ummataa hojjatamuu kan qabu namoota beekumsaa fi muxannoo gahaa hojicha irratti qabaniin hojjatamuu qaba jedhamee kan yaadamu.

Kana irraa ka'uudhaan hojiin qunnamatii ummataa manneen murtii akkamitti gaggeeffamuu akka qabuu yeroo xinxallu dhimmoota ijoo ta'an lama guuttachuu akka qabu nuuf ibsama. Dhimmi tokkoffaan akkuma dhaabbilee kamiyyuu ogeessonni qunnamtii ummataa manneen murtii qophiin barnoota isaaniis ogummicha waliin kan deemu ta'uu qaba kan jedhu yemmuu ta'u inni lamaffaan immoo haala adda ta'een ogeessi qunnamatii ummataa manneen murtii beekkumsa seeraa qabaachu qaba kan jedhuudha. Akkuma beekamu wal-jijjiiraa odeeffannoo manneen murtoo seera waliin kan wal-qabate waan ta'eef yemmuu ummataaf gabaafamu beekumsa seeraatiin yoo hin deeggaramini rakkoon inni uumuu danda'u haala salphaa ta'een sirraa'uu dhiisuu mala.

Haala kanaan ogeessi qunnamtii ummataa manneen murtii beekumsa seeraa yoo qabaatan gabaasa fooya'iinsaa fi oolmaa dhaddacha manneen murtiitti taasifaman haala bilisummaa mana murtii eeguun hawaasa biraan gahuun danda'u. Beekkamtii isaanitiin alatti miidiyaalee sab-qunnamtii hojii mana murtii akkaataa bilisummaa mana murtii fi mirgoota namoomaa falmitootaa haala cabseen gabaafamee yoo argame gabaasa sirreeffama hojjachuu ni danda'u. ogeessonni qunnamtii ummataa manneen murtii beekumsa seeraa[51] kan hin qabne yoo ta'e dhimmoota akkasii kanneen sirreessuuf gahumsa gahaa ta'e waan hin qabneef wal-jijjiirraa odeeffannoo fooya'iinsa manneen murtii irratti adhimma akka rakkootti ilaalamuudha.

5.3. Manneen Murtii fi Abbootii Seeraa Biratti Miidiyaaleen Sab-Qunnamtii Ummataa Bilisummaa Mana Murtii Irratti Dhiibbaa Fiduu Danada'u Yaadni Jedhu Jiraachuu

Itiyoophiyaa keessatti qofa osoo hin taane biyyoota biraas dabalatee lakkoofsi isaanii salphaa kan hin taane manneen murtii fi abbootiin seeraa miidiyaalee sab-qunnamtii ummataa akka deeggaraa qaama haqaa fi qooda fudhataa tokkootti lakkaa'uu irra ija shakkiitiin ilaaluun ni mul'ata. Miidiyaaleen sab-qunnamtii ummataa hojii manneen murtii haala sirrii hin taaneen hawaasa biraan gahuun bilisummaa manneen murtii fi abbootii seeraa ilaalcha ofirraa dhiibutu irraa mul'ata.

[51] Marii bu'aa barreeffamoota fi suur-sagalee daayirookireetii qunnamtii ummataa mana murtii federaalaa irraa kan fudhatame

Akkasumas, gabaasa hojiilee oolmaa dhaddachaa irrattis dhimmicha kan barbaadameen olittu iyyisiisuu fi gabaasa qaama falmii tokkoof loogu hojjachuun adeemsa murtichaa irrattis ta'ee haala kenniinsa murtii haqaa irratti dhiibbaa hin malle uumuu danda'u yaada jedhuun manneen murtii fi abbootii seeraa baay'ee biratti ni mul'ata.

Dhugumattuu manneen murtii fi abbootiin seeraa baay'een ilaalchoota armaan olii akkasumaan kan uumaman osoo hin taane dogogora miidiyaaleen sab-qunnamtii ummataa kan uuman irratti hundaa'udhaan murtii isaan irra gahan ta'uun isaa nama hin shakkisiisu. Kana jechuun garuu miidiyaalee sab-qunnamatii hundi ykn baay'een isaanii dogogoroota armaan olitti tuqaman kana ni raawwatu jechuu miti. Dogogorri isaan hojjatanis yeroo baay'ee ta'e jedhamee kan raawwatame jedhanii fudhachuunis hin danda'amu. Kan ta'us ta'ee karaa manneen murtii fi abbootii seeraatiin ilaalchi akkasii jiraachuun goochaalee fooya'iinsa manneen murtii bal'innaan hawaasa bira akka gahu taasisuuf haala mijataa uumuu hin danada'u.

5.4. Waltajjiin Manneen Murtii, Miidiyaalee Sab-Qunnamtii fi Qaamolee Qooda Fudhattoota Irratti Hirmaatanii fi Wal-Argan Jiraachuu Dhabuu

Wal-jijjiirraan odeeffanoo sagantaaleen fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii qaama tokkoon qofa kan raawwatamu osoo hin taane hirmaannaan qooda fudhattoota biroo barbaachisaadha.

Gochaalee fooya'iinsaa manneen murtii taasisaa jiran odeeffannoo qabachuu fi galmeessuu keessatti gahee mataa isaanii kan qaban yemmuu ta'u odeeffannoo walitti qabame kanas hawaasa biraan gahuuf gaheen miidiyaaleen sab-qunnaamtii ummataa baay'ee ol'aanaadha. Xiyyeeffannoo isaanii haqa irra, mirgoota namoomaa fi mirgoota diimokiraasii irra taasisuun dhaabbilee hawaasa siiviilii sochii taasisan gama isaanitiin odeeffannoon hawaasa bira yeroo gahuutti bilisummaa uumamaa manneen murtii akkaataa mirgi namoomaa eegamuu danda'utti akka taasifamuuf gahee mataa isaanii ni taphatu. Qaamoleen qooda fudhattootaa biroonis muxannoo kuufamaa qabaniin gochaalee fooya'iinsa manneen murtii hawaasa bira akka gahuu fi akka beeksifamu itti gaafatamummaa isaanii bahuu qabu.

Haata'u malee, qaamoleen qooda fudhattootaa kunneeni fi manneen murtii tokkoomanii wal-dubbisaa hojii isaanii yoo waliin hin hojjatani fi itti gaafatamummaa isaanii yoo hin bane manneen murtii gochaalee fooya'iinsaa kanneen akka barbaadametti haala qulqulluu ta'een hawaasa biraan

hin gahan. Hinumaayyuu odeeffannoon ummata bira gahu yaada wal-dhiitu akka of-keessatti qabatuuf carraan isaa bal'aa ta'uu danda'a.

Haala qabatama manneen murtii yeroo ammaa keessatti fooya'iinsa manneen murtii hawaasa biraan gahuuf jijjiramni kan mul'ataa jiru yemmuu ta'u adeemsi wal-jijjiirraa odeeffannoos kanaan olitti guddisuuf manneen murtii fi qaamaoleen qooda fudhattootaa biroon wal-arguuf waltajjiin karooraa fi tarsiimoo mataa isaanii qaban jiran jechuun nama rakkisa.

5.5. Miidiyaaleen Sab-Qunnamtii Ummataa Fooya'iinsa Manneen Murtii Gabaasuu Irratti Fedhii Dhabuu

Miidiyaaleen sab-qunnamtii ummataa gabaasonni isaan qopheessanii fi hawaasa bal'aa biraan gahan yemmuu ilaallu yeroo baay'ee sa'aatii qileensaa fi kutaa gaazexaa kan isaan irra caalatti qabatanii dhiyaatan xiyyeeffannoo ummataa ni harkisu jedhanii yaaduun kan isaan dhiyeessan dhimmoota bashananaafi kkf dha.

Erga kana jennee miidiyaaleen sab-qunnamtii ummataa maaliif gaaffii jedhu deebisuuf qorannoo mataa isaa kan barbaadu irrayyuu xiyyeeffannoon maanuwaalii kanaa ta'uu dhiisuun gadi fageenyaan ilaaluuf barbaachisaa ta'ee hin argamne. Haata'u malee, leenjifamtoonni leenjii kana erga fudhatanii booda qabxii kana irratti xiinxala mataa isaanii gaggeessuun itti fayyadamtootaaf ifa godhu jedhamee yaadama.

Gara dhimma ijootti yeroo deebinu fooya'iinsi manneen murtii kan walii galaa yeroo baay'ee kan ibsaman sagantaalee babal'aa irratti fi hojiilaa akkaataa karooraatin hojjatamanii fi rakkoolee isaan mudate gabaasa ibsu qopheessudhaan. Gabaasni akkasii sa'aatii qileensaa baay'ee fi kutaa gaazexaa baay'ee kan fixu waan ta'eef, dabalataanis gabaasichi akkasii hawaasa bal'aa biratti nuffisiisaa waan ta'eef, akkasumas, miidiyaaleen sab-qunnamtii ummataa sagantaalee fooya'iinsa manneen murtii irratti hundaa'un sagantaalee galii isaaniif argamsiisaan beeksisoota adda addaa akkaataa barbaadanii dhiyeeffachuu waan hin dandeenyeef sagantaalee fooya'iinsa manneen murtii tamsaasuun hawaasa bira akka gahu taasiisuu keessatti fedhii gadi aanaa qabaachuun isaanii irraa mul'ata.

Haala kanaan Itoophiyaa keessatti miidiyaaleen sab-qunnamtii ummataa keessattuu namoota bebbekkamoo fi aanga'oonni mootummaa kanneen irratti hirmaatan dhimmoota yakkaa fi

hawaasummaa irratti adeemsa mana murtii , kenniinsa murtoo haqaa fi oolmaa dhaddachaa gabaasa hojjachuuf fi hawaasaaf biraan gahuuf fedhii ol'aanaa kan agarsiisan yemmuu ta'u, gabaasichaan kanneen hin dabarres maddoota biraa irraa fudhachuun yemmuu dabarsan ni mul'ata.

5.6. Dhaabbilee Sab-Qunnamtii Ummataa Keessatti Ogeessonni Hojjatan Beekumsa Seeraa Dhabuu

Sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii hojjatan hawaasatti beeksisuu irratti gaheen miidiyaalee sab-qunnamtii ummataa ol'aanaa yemmuu ta'u hojichasi hojjachuu kan qabu gaazexeessitoota ogummaa fi muxannoo gahaa qabaniin yoo ta'e bu'aan argamus gammachiisaa akka ta'u nama hin shakkisiisu.

Akkuma beekkamu manneen murtii seerota hiikkaman, jechoota seeraa fi dambii naamusaa isaanii amala adda ta'e kan qaban waan ta'eef odeeffannoo hawaasa biraan gahuu irrattis miidiyaaleen sab-qunnamtii ummataas amalootaa fi damboota kanneen xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu. Gaazexeessaan beekumsa seeraa hin qabne tokko gabaasa oolmaa dhaddachuu ykn fooya'iinsa manneen murtii walii gala yeroo hojjatutti yaadaa fi kaayyoo seeraa alatti gabaasuun yeroo baay'ee kan mul'atu waan ta'eef inni kun immoo maqaa mana murtii irrattii fi mirgoota falmitootaa irrattis dhiibbaa uuma.

Addunyaa irratti miidiyaalee beekkamtii qaban kanneen akka CNN fi BBC gabaasa manneen murtii kan dhiyeessan gaazexeessitoota ogummaa seeraa fi ibsuu qabanin yemmuu ta'u ogeessonni seeraa kunneen bilisummaa mana murtii fi qajeeltoo mirga falmitootaa haala eegsisuun, gama biraatiin immoo mirga odeeffannoo argachuu hawaasaa kan galmaan gahan haal milkaa'ina qabuun.

Dhaabbilee sab-qunnamtii ummataa fi gaazexeessitoonni biyya keenyaa gabaasa fooya'iinsa waliigalaa fi oolmaa dhaddachaa yemmuu qopheessan ogummaa fi beekumsa seeraa kanneen hin qabneen ta'uun isaa ifa. Kana ta'uu isaa irraa kan ka'e gabaasonni hojjataman hojii sirrii manneen murtii fi oolmaa dhaddachaa ibsuu irra gabaasa ilaalchi dhuunfaa keessatti calaqisuu fi walaba hin taane akka ta'e ni mul'ata. Adeemsi akkasii fooya'iinsa manneen murtii ummata biraan gahuu irratti akka gufuu tokkootti fudhachuun ni danda'ama.

Qabxiilee Marii

1. Ogeessonni qunnamtii ummataa manneen murtii beekusa seeraa qabaachuun isaanii maaliif fayyada? tokko tokkoon hubachiisaa
2. Dhaabbileen sab-qunnamtii ummataa wal-jijjiirraa odeeffannoo, bilisummaa manneen murtii fi mirgoota falmitootaa akkamiin dhiibuu danda'a? Ibsitoota isaa sirriitti agarsiisi?
3. Gochaaleen wal-jijjiiruu odeeffannoo ogeessota beekumsa seeraa qabaniin yoo hojjatame bu'aa argamuu danda'u tokko tokkoon hubachuusaa

BOQONNAA JAHA

Fooya'iinsa Manneen Murtii Odeeffannoo Wal-Jijjiiruu Taasisuuf Tarsiimoowwan, Karaalee fi Tooftaalee Barbaachisan

Sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii irratti odeeffannoo waljijjiiruun akkasumaan kan raawwatamu osoo hin taane kaayyoo isaa haala galmaan gahuu danda'u irratti odeeffannoon hawaasa bira karaa gahuu danda'uu fi ergichis ummata bira sirriidhaan akka gahuu tooftaaleen jiran maal akka ta'an adda baasuu fi tarsiimoo baafachuudhaan dhimma raawwatamuudha.

Leenji'aan Leenjii kutaa kana keessa jiru siirriitti hordofe:-

- Odeeffannoo sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii ilaallatu qabn ummata biraan gahuuf tarsiimoowwan tajaajilan tokko tokkoon ni beeku
- Odeeffannoo sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii qaban ummata biraan gahuuf tooftaalee fi karaalee jiran adda baafatu.

Saganataalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii keessatti raawwataman hawaasatti beeksisuu irratti tarsiimoo sirrii, kallattii amanamummaa fi bira gahumsaatiin karaalee bu'a qabeessa ta'an, akkasums tooftaaleen odeeffannoo ittiin dadabarsan osoo adda hin baafatin wal-jijjiirraa odeeffannoo bilchina hin qabne saganataalee fooya'iinsaa fi gochaaleen manneen murtii karaa sirrii ta'een haawasatti beeksifame bu'aa barbaadamu fiduun hin danda'amuuf.

Kanaafuu manneen murtii ummata biratti amanamummaa isaanii deebisuuf, rakkoon odeeffannoo wal-jijjiiruu yeroo nama mudatu rakkoo kana keessaa dafanii bahuuf, dhaabbilee manneen murtii fi bilisummaa abbootii seeraa eegsiisuuf fi walabummaa isaanii mirkaneeffachuuf wal-jijjiiraan odeeffanno tarsiimoo qu'atameen, karaalee beekkamoo fi tooftaalee bu'a qabeessa ta'anitti fayyadamuun hojii irra oolchuu qabu.

6.1. Tarsiimoowwan Wal-Jijjiirraa Odeeffannoof Oolan

1. Odeeffannoowwan fooya'iinsa manneen murtii ilaallatu hawaasa bira akka gahu yoo barbaadame odeeffannoo wal-jijjiirraan dhimma mana murtiitiin qabame qofa irratti osoo hin taane sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii baasan irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Kana irraa hubachuun akka danda'amutti dhimma falmii mana murtii tokko keessaatti taasifamu irratti wal-jijjiirraan odeeffannoo taasifamu fooya'iinsa waliigalaa haala guutuu ta'een kan hin agarsiisne yoo ta'ellee dhimmoota ijoo ta'an irratti odeeffannoo

barbaachisaa ta'e ummata bira akka gahu taasiisuf tarsiimoon sirrii fayyadamuun barbaachisaadha.

2. Gochaalee fooya'iinsaa manneen murtii hawaasatti beeksisuuf irra caalaa uwwisa bal'aa kan qaban miidiyaalee sab-qunnamtii ummataatti fayyadamuun kan irraa eegamu yemmuu ta'u haala bajataa fi yeroo isaan gamagamuun teeknooloojii haaraas dabalatee karaalee miidiyaalee seera qabeessa ta'aniitiis fayyadamuutu irraa eegama. Tarsiimoon kun kan fayyadu manneen murtii hawaasni miidiyaalee qunnamtii isaan ittiin fayyadamanii fi fedhii qabaniitiin odeeffannoo akka argatan taasisuudha.
3. Manneen murtii yeroo odeeffannoo wal-jijjiiran gosa odeeffannichaa irraa ka'uudhaan hawaasa odeeffannoon bira gahuu qabu adda baasuuf wal-jijjiirraa odeeffanoos kutaalee hawaasa kanaa bira akka gahu taasisuun barbaachisaadha.[52] Haala kanaan hawaasni xiyyeeffannoon irratti taasifame kana irratti akkaataa odeeffannoo ittiin fudhatu adda baasuun barbaachisaadha.
4. Manneen murtii fooya'iinsa isaan taasisan irraa ka'uudhaan hawaasa bal'aa fi qaamolee qooda fudhattootaatiif haala adda ta'een odeeffannoo gahuu qabu sirriitti beekuu fi ergaa odeeffannichaa waraabuun barbaachisaa yemmoo ta'u kunis manneen murtii hawaasa irraa argachuu kan isaan qaban amantummaa fi beekkamtii sirrii ta'e akka argataniif ni gargaara.
5. Manneen murtii wal-jijjiirraa odeeffannoo isaan taasisuu qaban haalaa fi yeroo waliin kan walii galan fi ofii isaanii yeroo waliin fooya'aa deemuu isaanii hordofuu fi too'annaa taasisuun barbaachisaadha.

Qabxiilee Marii

- Maanuwaalii leenjii kana keessatti kanneen hin ibsamne odeeffannoo sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii hawaasa biraan gahuuf tarsiimoowwan fayyadan sadi ibsi (daqiiqaa 10)

6.2 Wal-Jijjiirraa Odeeffannoo Fooya'iinsa Manneen Murtii Irraatti Tooftaalee Qunnamtii fi Karaalee Isaa

Sagantaalee fooya'iinsa fi gochaalee manneen murtii yeroo ammaa hawaasa hunda biraan gahuuf tooftaaleen odeeffannoo ittiin dadabarsinu kan uumaman yemmuu ta'u manneen murtiis tooftaalee

[52] Qajeelfamma raawwii sab-qunnamtii fi waljijjiirraa odeeffannoo ummataa abbootii aangoo manneen murtii fi abbootii alanagaa waliigaltee 31ffaa muddee 3 fi 4 bara 2018 Tiraansbargii

kanneenitti seeraan fayyadamuudhaan jijjiramoota manneen murtii keessa jiranii fi dhimmoota tokko tokko irratti adeemsi dhaddachaa maal akka fakkaatu ummatatti beeksisuuf ni dandeessisa.

- **Ibsa gaazexaa:** tooftaa odeeffannoo wal-jijjiirraa keessaa filatamaa yemmuu ta'u hawaasa bal'aadhaaf sa'aatii wal-fakkaatutti keessatti biraan gahuu irratti fooya'aa akka ta'etti amanama. Sab-qunnamtii ummataatiif carraa wal-qixa kennuu irratti, gosa tokko fi odeeffannoo dhugaa ta'e ummata biraan gahuu irratti, odeeffannoo karoorfamee fi daangeffame qofti akka darbu taasisuu irratti, haala dogogora qabuun odeeffannoon akka hin dabarre taasisuu irratti yemmuu ilaalamu tooftaa ykn karaa filatamaadha.
- **Yaa'ii gaazexaa:** yeroo baay'ee dhimma murtaa'aa irratti fooya'iinsa manneen murtii taasisan irratti gaazexaan adda addaa bakka walitti qabamanitti itti gaafatamtoota manneen murtiitiin ibsi kennamee gaaffilee gaazexessitootaan ka'an irratti hundaa'uudhaan waltajjii deebii itti kennan yaa'ii yemmuu ta'u odeeffannoo ummata biraan gahuu irratti faayidaa akkuma qabu adeemsa gaaffiif deebii keessattis itti gaafatamtootaan yaadni hin yaadamne carraa itti bahu yemmuu uumamu sodaan uumamu ni mala. Itti gaafatamaan mana murtii karaa akkanaa kana fayyadamu hanga danda'ameen mata duree qabameen ala bahuu dhiisuu fi deebii gaaffilee haala ibsa dura kenname waliin akka deemuutti yaada yaa'insaa haala eeggateen taasisuu qaba.
- **Af- Gaaffii:** tooftaan akkasii kun fooya'iinsa manneen murtii taasisan karaa itti gaafatamtoota manneen murtiitiin deebii fi gaaffii kallattiidhaan taasifamuun odeeffannoon ummata bira akka gahuuf tooftaa itti fayyadamaniidha. Tooftaan akkasii gaazexeessitoota ciccimootiin odeeffannoo hin maxxanfamne itti gaafatamaa mana murtii irraa argachuuf kan kan gaggeeffamudha. Adeemsa kana keessatti itti gaafatamaan yeroo ibsa kennu of-eegannoo cimaa taasisuun gaaffii fi deebii raawwachuu akka qabuuf, dogoggorri yoo uumame garuu mana murtichaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'a.
- **Masariitii:** Manneen murtii ummata waliin kan ittiin wal-beekan masariitii mataa isaanii qabaachuu kan isaan irraa eegamu yemmuu ta'u odeeffannoo masariiticha irra jirus yeroo yeroodhaan akka fooya'aa deemanii fi akka odeeffannoo haaraatti akka itti fe'amaa gochuun sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee jijjiramaa ummata biraan gahuuf isaan dandeessisa. Tooftaan qunnamtii gosa akkasii keessattuu bara ammayyaa (teeknooloogii odeeffannoo fi qunnamtii) kana keessatti dirqamaan waan barbaachisuuf filatamaa isa taasisa. Karaa masariititiin wal-jijjiirraan odeeffannoo taasifamu keessattuu qaamolee qooda fudhattootaa

fi namoota ogummaan isaan hojii seeraatiin wal-qabatee fi dhaabbilee hawaasa siiviilii dabalatee sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii haala salphaa ta'een wal-qunnamsiisuu fi faayidaa irra oolchuuf kan isaan gargaaru waan ta'eef tooftaa qunnamtii filatamaadha jechuun ni danda'ama.

- **Miidiyaalee Hawaasummaa fi Sab-Qunnamtii Ummataa:** Tooftaan qunnamtii akkasii bara amma keessa jirru kanatti keessattuu humna oomishaati jedhamee kan yaadaman dargaggoonni kan isaan itti fayyadaman gosa qunnamtii kanatti fayyadamuu irrayyuu jiddu-galummaa tokko malee hojiilee fooy'iinsa manneen murtii kallattiidhan hawaasa biraan gahuu kan danda'u yemmuu ta'u haala wal-jijjiirraa odeeffannoo fi dhimma ijoo fooya'insaa irratti ariitidhaan hawaasa biraa duub-deebii tooftaa ittiin argatuudha. Tooftaan qunnamtii kanaa manneen murtii ummataaf odeeffannoo dabarsuu barbaadan haala ifaa fi gabaabina qabuun ibsuuf kan isaan dirqisiisu waan ta'eef odeeffannoo guutuu fi hunda galeessa hawaasa biraan gahuu irratti hanqinaalee ni qabaata.
- **Odeeffannoo Bifa Waraabbbii Fiilmiitiin Dabarsuu**: Tooftaan akkasii kun kan inni tajaajilu fooya'iinsi saganataa mana murtii tokkoo hawaasa hundaaf ykn qaamolee qooda fudhattootaatiif akka gahu yaadamee karaa wal-jijjiirraan odeeffannoo ittiin taasifamu yemmuu ta'u bifa fiilmiitiin akka warabaamuu fi hawaasa bira akka gahu odeeffannoon barbaadame irra dedeebiidhaan kutaalee hojii manneen murtiitiin erga gamagamanii fi sirraa'ee booda hawaasni haala salphaa ta'een kan hubatanii fi dhiyeessii nuffisiisaa hin taaneen akka bira gahu taasisa. Karaan qunnamtii kanaa gargaarsa ogeeyyii miidiyaa kan barbaadu waan ta'eef qaamoleen ogummaa qaban akka itti hirmaatan taasisuun barbaachisaadha. Odeeffannoon bifa fiilmiitiin waraabbame masariitii manneen murtii, yuutuubii fi karaa teelevizyiinitiin hawaasaa darbuu ni danda'a. Tooftaan akkanaa kun waraabbii fiilmii irraa kaasee hanga wanti waraabame darbutti hojiin jiru qabeenya guddaa kan gaafatuu yemmuu ta'u yeroo baay'ee manneen murtii gocha akkasii kana kanneen biro waliin wal-gargaaruun hojjachuu akka qaban ni gorfama.
- **Adeemasa Mana Murtii Sab-Qunnamtii Ummataatiin Dabarsuu:** karaa kanaan odeeffannoo dabarsuun keessattuu dhimmoota filataman irratti yemmuu ta'u dhimma mana murtiitiin qabamee jiru irratti kan taasifamu adeemsa himannaa fi falmii dhageessisuu irratti kallattiidhaan kaameraadhaan waraabamaa karaa ittiin darbuudha. Haata'u malee, adeemsi dhaggeeffachuu manneen murtii karaa sirrii fi kallattiidhaan yeroo darbaa jirutti abbootiin

seeraa,abokaatoon,abbootiin alangaa fi qaamoleen biroo yaada isaanii dhimmicha irra akka hin kaa'anneef haalli itti uumamuu danda'u waan jiruuf fi dhimma yakkaa irratti mirga shakkamaan qulqulluudha jedhamee tilmaamamuu kan miidhu, akkaataa seera hariiroo hawaasaatiin dhimma falmitootaa iccitii maqaa gaarii fi beekkamtiin isaanii bakkeetti waan baasuuf tooftaa qunnamtii of-eeggannoo barbaadudha.tooftaan qunnamtii akkasii barbaachisummaa fi seera qabeessummaan isaa ogeessota seeraatii fi beektoota biroo biratti falmisiisaa waan ta'eef hojii irra oolchuun kan danda'amu seerotni biyyaa kallattii kanaan wantoota labsaman ilaalcha keessa galchuun barbaachisaadha.

Akka waliigalaatti manneen murtii sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee jijjiramaa tooftaalee fi karaalee qunnamtii adda addaati fayyadamuun hawaasa biraan gahuu kan danda'anii fi ta'uusa kan qabu waan ta'eef tooftaalee fi karaalee qunnamtii armaan olii qofa osoo hin taane kan biraas waan jiraniif manneen murtii teeknooloojii yeroo waliin deemanitti fayyadamuudhaan hawaasa isaanii waliin wal-jijjiirraa odeeffannoo taasisuun jijjiirama manneen murtii beeksisuutu irraa eegama.

Gaaffilee Marii

- Tarsiimoowwanii fi karaalee armaan olitti eeramanitti dabaluudhaan fooya'iinsi manneen murtii irratti tarsiimoowwanii fi karaaleen wal-jijjiirraa odeeffannoo kan biraa yoo jiraatan ibsi.

BOQONNAA TORBA

Gabaasa Oolmaa Dhaddachaa

Manneen murtii dhaddacha yemmuu gaggeessan dhaddacha bilisa ta'een ta'uu akka qabu biyyoonni seerota isaanii adda addaa keessatti ni labsu.kaayyoon isaas hojiin mana murtii hawaasaaf haala ifa ta'een akka mul'atu taasisuuf yemmuu ta'u dhimmoota seeraan dhoorkaman tokko tokko irratti ykn abbootiin seeraa haala dhimmichaa ilaaluudhaan dhaddacha cufaatiin akka taasifamu ajaja yoo kennan malee adeemsi mana murtii kamiyyuu dhaddacha ifaatiin/banaatiin gageeffamuu qaba. Sababii kanaatiin dhaddacha kamiyyuu qaamni hawaasaa hordofuu barbaadu adeemsa dhaddachaa fi bu'uuraaleen misoomaa manneen murtii hanga hin daangessinetti hirmaata ta'uu ni danada'u.

Akkuma beekamu oolmaan dhaddachaa dhimma xiyyeeffannoo sab-qunnamtii ummataa fi kutaa hawaasa baay'ee harkisu waan ta'eef, keessattu dhimmoonni yakkaa fi hariiroo hawaasaa tokko tokko irratti argamuun gabaasuudhaaf fedhii addaa kan itti agarsiisaniidha.

Ogeessonni sab-qunnamtii ummataa gabaasa manneen murtii hojjachuudhaan hawaasa bira odeeffannoon akka gahu yemmuu taasisan, hawaasni dhimmicha irraa baruudhaan gargaaraa haqaa akka ta'anii fi manneen murtii hooggansa dhaddachaa fi kenniinsa haqaa irratti fooya'iinsa taasisan hawaasni akka hubatu taasisa. Ittigaafatamummaa abbootii seraas ilaalchisee gahee mataa isaa ni tapahata. Akkasumas, karaa tokkoonis ta'ee karaa biraatiin ogummaan isaanii kan isaaniif eeyyamuu fi namoonni beekumsa qaban gabaasa oolmaa dhaddachaa irraa ka'uudhaan dhimma adda ta'e san irratti ykn gabaasa oolmaa dhaddachaaf galmee ka'umsa kan ta'e irratti hundaa'uudhaan seera hojii irra oolee ykn madaallii odeeffannoo irratti qorannoo gaggeessuu danda'u. dabalataanis manneen murtii dhimmicha ilaalchisee haala naamusaa hordofanii irratti qorannoo gaggeessuu akka danda'aniif carraa ni uuma.

Gabaasni oolmaa dhaddachaa haala seera qabeessa ta'ee fi naamusa isaa eeggateen yoo gabaafame faayidaalee armaan olitti eeraman kan argamsiisu ta'uun isaa fi karaa biraatiin immoo sab-qunnamtiin ummataa adeemsa murtii haala hin taaneen ni gabaasu yoo ta'e miidhaan inni geessisu baayee ulfaataa ta'uu irra darbee kan hin deebinee fi kan bakka hin buune ta'a. gabaasni oolmaa dhaddachaa karaa tokkoon manneen murtii hojii isaanii dhaddacha ifa ta'een gaggeessuu qajeeltoo jedhu galmaan gahuu kan dandeessisu yemmuu ta'u galama kana biraan gahuuf yemmuu hojjatu

mirga himatamaa, falmitootaa, abbootii murtii akkasumas mirgoota fi bilisummaa manneen murtii karaa hin sarbineen ta'uu qaba.

Gabaasni oolmaa dhaddachaa kamiyyuu nama shakkamee himatamee dhiyaate balleessaa qabda ittiin jedhamuun dura mirga bilisa jedhanii tilmaamamuu haala kamiinuu kan tuqamu yoo ta'e faayidaa isaa irra miidhaa isaatu caala. Dhimma hariiroo hawaasaas yoo ta'e iccitii daladala cimaa ta'ee fi dhimmoota beekkamtii gaarii ilaallatu irratti falmiin yemmuu gaggeeffamu mirgoota falmitootaa haala miidhuu danda'uun gabaasuu fi hawaasatti tamsaasuun falmitoota kanneen irratti sarbamuu mirgaa fi kisaaraa irraa kan hafe hojii wal-fakkaatutti kanneen bobba'anii argaman keessattuu abbootii qabeenyaa biyya alaa haalichaan rifachuudhaan kara filannoo seeraan alatti geeffamuu fi murtoo biyya keessaa bahuus carraan itti uumamu jiraachuu waan danda'uuf gabaasni oolmaa dhaddachaa faayidaa hawaasummaa gaarii akkuma qabu seeraan yoo hin gaggeeffaminii fi hin qabamne gocha rakkoo cimaa uumuu danda'uudha.

Haala kanaan manneen murtii gabaasa oolmaa dhaddachaa yeroo hojjatan rakkoolee fiduu danda'an dhabamsiisuuf ykn miidhaa isaa xiqqeessuuf akka danda'amuuf gahee mataa isaanii adda baasuu fi kallattii kaa'uudhaan, akkasumas hojii irra oolmaa isaatiif ittigaafatamummaa ol'aanaa fudhachuudhaan hojjachuutu irraa eegama. Itoophiyaa keessa kan jiran sab-qunnamtiin ummataa fi gaazexeessitootni gabaasa oolmaa dhaddachaa yeroo hojjatan kaayyoon isaanii odeeffannoon sirrii ta'e hawaasa bira gahee jiruu fi jireenya hawaasaa irratti jijjiramni gaariin akka dhufuu danda'u taasisuu qaba.

Labsii sab-qunnamtii ummataa lakk 1238/2013 keeyyata 55 bu'uura tumameen sagantaan tamsa'u afaan qajeelaa naamusa eeggateen, mirgoota namoomaa fi ijaarsa sirna dimookiraasii cimsuu fi guddisuuf gahee olaanaa kan taphatan, gabaasa oolmaa dhaddachaa fi sagantaalee jajjabeessuun akka barbaachisu wal-nama hin mormisiisu.

Dhimmi yakkaa ijoolee umriin isaanii hin geenye ilaallatu gabaasuu ilaalchisee qindeessuu irraa jalqabee hanga karaa ittiin tamasa'u, haalaa fi yeroo waliin wal madalchisuun tamsaasutu barbaachisa.[53] Dhimmoota amantaa fi sabummaa bu'uura godhatan ilaalchisee gabaasni oolmaa dhaddachaa hordoftoota amataa gidduutti walitti bu'iinsa kan kaasu, amantaa qaama hawaasaa murtaa'an tuffatu ykn hordoftoota amantaa jidduutti wal-danda'uun akka hin jiraanne kan taasisu

[53] Labsii sab-qunnamtii ummataa lakk.1238/2013 A.L.I. keeyyata 69

irratti gabaasamuun waan hin qabneef sab-qunnamtiin ummataa ittigaafatamummaa seeraa kana tilmaama keessa galchuudhaan,gaazexeessitoota gabaasa oolmaa dhaddachaa hojjatan haala kanaan qopheessudhaan hojiin gabaasuu fi tamsaasuu hojjatamuu qabu.[54]

Gaaffilee Marii

- Gabaasni oolmaa dhaddachaa gama bilisummaa fi itti gaafatamummaa manneen murtiitin faayidaa isaan qaban tarreessun hubachiisi(daqiiqaa 4)
- Gabaasni oolmaa dhaddachaa manneen murtii ummata biratti amanamummaan isaanii akka dabaluu taasisuuf gaheen inni qabu yoo jiraate sirriitti ibsuudhaan hubachiisi (daqiiqaa 4)

7.1. Gabaasni Gaariin Oolmaa Dhaddachaa akka Jiraatuuf Maal Ta'uu Qaba?

Sab-qunnamtiin ummataa gabaasa oolmaa dhaddachaa yeroo gaggeessanitti seerotaa fi naamusa biyya keessaa kabajuun hojjachuun kan irraa eegamu waan ta'eef dhaabbileen sab-qunnamtii ummataa dhaabbilee mootummaa fi miti-mootummaa waliin ta'uun gaazexeessitoota hojii kana hojjataniif leenjii kennuufitu irraa eegama.

Dhaabbileen sab-qunnamtii gaazexessitootaa fi ogeessota tamsaasa irratti bobba'aniif leenjii kennuufii irra darbee gamagama yeroo yeroon taasisuu, leenjii seeraan kan argatanii fi kan hubatan hordofuun, adeemsa hordoffii qopheessuu fi hojii irra oolchuu

Gabaasni oolmaa dhaddachaa ummtaaf erga tamsa'anii booda dub-deebii gaarii fi ilaalcha hin taane beekuuf jecha xiinxala irra irraa gaggeessuu, tooftaa tokkoonis ta'ee kan biraatti fayyadamuun hawaasni gabaasa oolmaa dhaddachaa irraatti ilaalcha isaan qaban beekuun hawaasa bal'aa kan hirmaachisu waltajjii uumuun miidhaa dhaqqabu hir'isuu.

Gabaasni oolmaa dhaddachaa yemmuu hojjatamu haala guutuu ta'ee fi dhaddacha keessatti kan turan yaada namoota hundaa hammachiisuudhaan jecha sobaa tokko osoo itti hin dabalin, yeroo tokko tokko dubbannaa fi jechootni seeraa amala addaa qaban, dambiin naamusa mana murtii wal-xaxaa ta'uun, gaazexeessaa irraa gochi hin mallee fi gabaasa dogogoraa hojjachuuf carraan waan

[54] Labsii sab-qunnamtii ummataa lakk.1238/2013 A.L.I. keeyyata 70

jiruuf, sab-qunnamtii ummataa labsii lakk.1238/2013 keeyyata 4 fi tumaalee walitti fufaa irraa kan ka'e odeeffannoo dogogora qabu karaa ittiin tamsaasame irratti gabaasa sirreessaa taasisuu.

Sab-qunnamtiin ummataa kan isaaan uumaniin Waltajjii too'annaa waliin waliinii dhimmoota gabaasa oolmaa dhaddachaa ilaallatu sab-qunnamtiin ummataa hojiilee isaan hojjatan gamagamaaf dhiyeessudhaan naamusa ogummaa gabaasichaa, mirgoota namoomaa fi haala qabatama biyyaa haala hubannoo keessa galcheen hojjatamuufi dhiisuu isaa mirkaneessuun hanqinaalee yoo qabateellee akka sirreessaniif, walii walii isaanitiin akka wal sirreessaa deemaniif gabaasni oolmaa dhaddachaa biyya keenya qulqullina, gadi fageenyaa fi kan fooya'e akka ta'u gochuun ni danda'ama.[55]

Dhaabbilee hawaasa siiviilii tajaajila tamsaasa addaa kan ummataa hundeessuu kan danda'an yemmuu ta'an hojii isaanii eegumsa mirgoota namoomaa fi ijaarsa dimookiraasii irratti kanneen taasisan dhaabbilee hawaasa siiviilii tajaajila tamsaasaa kan kennan sab-qunnamtiin ummataa bu'uura irraa dhaabbilee sab-qunnamtii ummataa armaan olitti ibsaman hojii isaan hojjachuu qaban akka hojjatanii fi gabaasni oolmaa dhaddachaas bu'a qabeessa akka ta'u taasisuun ni danda'ama.

Dhaabbileen hawaasa siiviilii gabaasa oolmaa dhaddachaa Itoophiyaa keessatti sadarkaa irra jiran ogeessotaan qorachiisuun rakkoolee adda baasuu fi kallattii gara fuula duraas kaa'uudhaan qorannoowwan taasifaman deeggaruun, barreeffamoonni qorannoo akka jiraatan taasisuun, gabaasni oolmaa dhaddachaa sadarkaan qulqullina isaa akka fooya'u gochuun ni danda'ama. Dabalataanis dhaabbileen sab-qunnamtii ummataa fi ogeessonni qunnamtii ummataa mana murtii kaayyoo oolmaa dhaddachaa fi haala itti gabaafamu irratti leenjii kennuun gahee mataa isaanii bahachuu qabu.

Manneen murtii gabaasa oolmaa dhaddachaa qulqulina isaa fooyyessuuf waa'ee adeemsa murtii fi dhimma murtiin isaa xumurame gabaasuu irratti bilisummaa fi walaabummaa manneen murtii, akkasumas mirgootni namoomaa garee falmitootaa akkamitti gabaasuun akka danda'amu labsiiwwan sab-qunnamtii, heera, waliigaltee fi tumaatilee addunyaalessaa fi ulaagaaleewwan, akkasumas seerota biroo bu'uura godhachuudhaan leenjii bu'a qabeessa ta'an irra dedeebiin

[55] Labsii sab-qunnamtii ummataa lakk.1238/2013 A.L.I. keeyyata 2(34)

dhaabbilee sab-qunnamtii ummataa fi gaazexessitootaaf kennuu gabaasni oolmaa dhaddachaa akka fooya'aa deemu taasisuu ni danda'u.

Abbootiin seeraa dhaddacha gaggeessan gabaasa oolmaa dhaddachaa kanneen hojjatan ogeessonni sab-qunnamtii ummataa dhaddacha irratti argamuu isaanii erga mirkaneessanii dhaddachi osoo hin eegalamin haalli gabaasa oolmaa dhaddachaa maal ta'uu akka qabu ibsa gabaabaa gochuun isaan irraa eegama.

Gaggeessummaa manneen murtiitiin kan dhaabbatu qaamoleen qooda fudhattootaa kan irratti hirmaatan koree dhaabudhaan gabaasa oolmaa dhaddachaa sadarkaa inni irra jiruu fi dhimmoota fooya'uu qaban gamagamuun sab-qunnamtii mana murtii fi qaamolee qooda fudhattootaa gabaasni akka gahu taasisuun jijjiramoota jiraatan sirriitti fooyyessuudhaa fi rakoolee mul'atanis balleessuun akka danda'amu murtoon akka darbu gochuun gabaasni oolmaa dhaddachaa yeroodhaa gara yerootti fooya'aa akka deemu taasisuun ni danda'ama.

Manneen murtii gabaasa oolmaa dhaddachaa hawaasaaf erga darbanii booda keessattuu qajeeltoo bilisa jedhamanii tilmaamamuu,gocha maqaa balleessii, akkasumas mirgootni namoomaa waliigalaa kabajamuu dhiisuu fi bilisummaa fi walabummaa manneen murtii irratti gabaasa oolmaa dhaddachaa hanqina qaban yeroo mul'atanitti garee falmitootaatiin komii dhiyaatu ykn dhaddachi kaka'umsa mataa isaatiin dhaabbataa fi gaazexeessaa gabaasicha qopheesse waamuudhaan tarkaanfii barbaachisaa fi barsiisaa ta'e irratti fudhachuu akka qabuu yemmuu ta'u manni murtii akka dhaabbataatti dhaabbilee sab-qunnamtii ummataa fi qaamolee qooda fudhattootaa biraa waliin walitti dhufeenya taasisuun haalotni akka sirreeffaman taasisuun gabaasni oolmaa dhaddachaa akka fooya'u taasisuu ni danda'u.

Gaaffii

- Gabaasni gaariin oolmaa dhaddachaa jiraachuu dhabuun manneen murtii irratti dhiibbaa inni fidu yoo jiraate tarreessuun hubachiisi(daqiiqaa 5)

Guduunfaa fi Yaada Furmaataa

Itoophiyaa keessatti baroota barootaan keessattu jijjiramni sirna mootummaa akkuma taasifameen sagantaaleen fooya'iinsaa fi goochaaleen isaanii akka ajandaa ijoo tokkootti ka'aa hanga danda'ameen gochaalee jijjiramaa hojjachaa turanii jiru. Haata'u malee sagantaaleen fooya'iinsa

manneen murtii kunneen rakkoo manneen murtiitiin akkasumas qaama mootummaa seera raawwatun jiddu galummaan fi gochaaleen too'annaa, akkasumas hawaasni gochaalee manneen murtii irratti ilaalchi isaan qaban gadi aanaa ta'uun itti dabalamee sadarkaa barbaadameen amanamummaa ummata gonfataa, hojii isaanii haala ammayyaa fi mirgoota namoomaa haala kabajeen manneen murtii hojjatan adeemsi uumuu hanqinaalee kan qabuu fi hanaga ammaattis dhiimma keessaa bahuu hin dandeenyedha.

Gochaaleen fooya'insaa manneen murtii sadarkaa barbaadameen raawwatamuu dhiisuu isaa qofaan osoo hin taane yeroo yeroodhaan kanneen mul'atanii fi mul'achaa kan jiran gochaaleen fooya'iinsaa gaggaariin jalqabni isaanii siirriitti hawaasatti akka beeksifamu taasisuu dhiisuun ummatni manneen murtii mirga kabachiisaa isa dhumaa fi dirqama isaa kan ittin raawwatudha jedhanii fudhachuun dhiibbaa guddaa dhaqabsiisee jira. Waan kana ta'eef sagantaalee manneen murtii baasan gara hojii dhaabbataatti jijjiiruun murteessaa akkuma ta'e hojiilee hojjatamanii fi rakkoolee isaan mudate ummataan gahuu fi hojii wal-jijjiirraa odeeffannoo hojjachuu qabu.

Fooya'iinsa manneen murtii ummatatti beeksissun faayidaalee heddu kan qabuu yemmuu ta'u keessattuu amanamummaa manneen murtii akka fooya'u taasisuu, faayidaa fi mirgoota manneen murtii kaasan kabachiisuu irratti gahee isaa haala salphaa ta'een kan hin ilaalamne ta'uu isaa, bu'uura kanaan bajataa fi humna namaa gahaa ta'e ramaduun hojiilee manneen murtii hojjatan ummata biraan gahuu qabu.

Sagantaalee fooya'iinsaa fi gochaalee manneen murtii kan ilaalam hojiilee wal-jijjiirraa odeeffannoo dhamaatii qaama tokkootiin qofa galma gahuu waan hin dandeenyeef hirmaannaan qaamolee qooda fudhattootaa baay'een barbaachisaadha. Qaamolee qooda fudhattootaa kannee keessaa dhaabbileen hawaasa siiviilii, gaheen dhaabbilee miidiyaa ol'aanadha jedhamee fudhatamuu ni danda'a. kanaan wal-qabatee manneen murtii gochaalee wal-jijjiirraa odeeffannoo gargaaruun hirmaannaa qooda fudhattootaa keessaa ol'aanaan kam akka ta'e adda baasuun, qooda fudhattoota kanneen waliin irra dedeebi'uun marii taasisuu, hojiilee qoqqoduu fi hojiin booda gamagama gaggeessun gochaalee wal-jijjiirraa odeeffannoo bu'a qabeessa ta'e raawwachuutu irraa eegama.

Gochaalee odeeffannoo wal-jijjiiruu haala si'aa'ina qabuu fi sadarkaa barbaadameen gaggeessuuf jalqaba irratti rakkoolee nama mudachuu danda'an adda baafachuun barbaachisaa waan ta'eef

rakkoolee kanneen ilaalcha keessa galchuun haala qabatama mana murtiitiin hiikuun karoora qunnamtii ummataa wixineessuun barbaachisaadha. Dabalataanis, wal-jijjiirraa odeeffannoo gaarii taasisuuf manneen murtii qaamolee qooda fudhattootaa kan hammate maanuwaalii fi qajeelfama mataa isaa danda'e qopheessuu fi waltajjii walitti dhufeenyaa uumuutu irraa eegama. Ogeessota qunnamtii ummataa manneen murtii fi gaazexeessitoota dhaabbilee sab-qunnamtii ummataa beekumsa seeraa isaanii akka fooyyeffataniif leenjii adda addaa irra dedeebiin akka fudhataniif qaamolee qooda fudhattootaa biroo waliin mari'achuun qopheessutu irraa eegama.

Gochi wal-jijjiirraa odeeffannoo qajeelfamuu kan qabu akkasumaan waan hin taaneef manneen murtii fi qaamoleen qooda fudhattootaa biroo haala hirmaachiseen fooya'iinsa manneen murtii beeksiisuuf kan fayyadu tarsiimoo bocuutu irraa eegama. Bu'aalee teeknooloojii haaraa fi kanneen biyyaa keessa jiran ilaalcha keessa bifa galchuu danda'uun faayidaalee fi miidhaa karaalee qunnamtii fi tooftaalee isaa adda baasuu fi ibsa kennuun faayidaa irra oolchuu qabu.

Kitaabilee Wabii

- Heera Mootummaa Federaalaawaa Dimookiraatawaa Riippabiliika Itoophiyaa Lakk.L.1/1987
- Seera Maatii fooya'aa L.L 213/92
- Mootii Mootootaa Mootummaa Itoophiyaa seera hariiroo hawaasummaa dambii lakk.52/1958
- Seera yakkaa Itoophiyaa L.L 414/1997
- Seera Yakkaa Mootii Mootootaa Mootummaa Itoophiyaa dambii L.L.185/1954
- Sab-qunnamtii ummataa Itoophiyaa L.L.1234/2013
- Waliigaltee mirgoota diinagdee,hawaasummaa fi aadaa addunyaalessaa
- Waliigaltee mirga eegumsa qaama miidhamtoota addunyaalessaa
- Waliigaltee mirga siiviilii fi siyaasaa addunyaalessaa
- Ibsa mirgoota namoomaa hunda-galeessaa
- Heera MFDRI Ministeera Ijaarsa dandeettii, sagantaale fooya'iinsa sirna haqaa gabaasa qorannoo ka'umsaa 1998 A/L/I
- Qorannoo haraa fi seeraa fi dhaabbilee leenjii feederaalaa, sagantaa fooya'iinsa haqaa dhaabbailee federaalaatti sadarkaa irra jiru adda baasuuf qorannoo haboraa taasifame, 2011 A.L.I
- Mana murtii waliigalaa federaalaa, haala qaama abbaa seerummaa fi kallattii fuul-duraa Muddee 2012
- Moojula leenjii ogeessota qaamolee haqaa federaalaa
- Asaffaa Fissahaa,Feedeeraaliziimii fi garaagarummaa waldandeessisuu itoophiyaa keessatti:qorannoo birqabaa(Niizarlaandii, wool maxxansoota seeraa A.L.A. 1997
- Heenarii Iskoolaar heera Itoophiyaa fi guddina seeraa, guddina heera Itoophiyaa irratti qorannoo hojjatame V.A.L.A 1997
- Roobart Allan Seedilaar, dambii naamausa seera Itoophiyaa, Maxxana Oksifoordii Yuunivarsiitii 1968
- Qajeelfama wal-jijjiirraa odeeffannoo manneen murtii fi aanga'oota abbootii alangaa 31ffaa S.E.P.S.E. walgahii dhaabbataa Muddee 3 fi 4 bara 2018 Istiraasbarg
- Canadian Judicial Council. (1998). Ethical Principles for Judges. Ottawa, Ontario: Canadian Council Ministry of Capacity Building. (2002).

- Justice System Reform in Ethiopia: Proceeding of the Work Shop on Ethiopian's Justice Reform, Addis Ababa: MCB
- Shetreet, Shimon, and Jules Deschens, (eds.,) (1985). Judicial Independence: The Contemporary Debate, Dordrecht: Martinus Nijhoff Publishers.or Martinus Nijhoff Publishers, Boston/Lancaster.
- Muga Dorcas Anyang, The Role Of Public Relations in Building the Image Of the Keneyan Judicial System, A Research project submitted in partial fulfilment of the requirement for the award of the degree of Master of Arts in Communication Studies at the School of Journalism and Mass Communication, University of Nairobi. November 2012.
- Elias N. Stebek (2016), Assessment of Ethiopia's Justice Sector Reform Components in GTP I and GTP II, Ethiopian Lawyers Association and Ethiopian Young Lawyers Association, Addis Ababa, Ethiopia